# XIINXALA WALSIMANNAA FI GARAA GARUMMAA DANDEETTII BARREESSUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO AKKA AFAAN TOKKOFFAA FI AFAAN LAMMAFFAATTI BARATAN KUTAA 9:XIYYEEFFANNAA MANA BARUMSAA IFA BORUU EEKKAA DAALLEE SAD.2^FFAA

AJAA'IBDUU BEENYAA

QORANNOO ULAAGAA DIGIRII 2^FFAA ( MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN,GAMIISAAN GUUTTACHUUF, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII BARNOOTAA FI QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMII FI SABQUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII

CAAMSAA, 2017/2025

FINFINNEE

# XIINXALA WALSIMANNAA FI GARAAGARUMMAA DANDEETTII BARREESSUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO AKKA AFAAN TOKKOFFAAFI AFAAN LAMMAFFAATTI BARATAN KUTAA 9:XIYYEEFFANNAA MANA BARUMSAA IFA BORUU EEKKAA DAALLEE SAD.2[FFAA]

AJAA’IBDUU BEENYAA

GORSAA; DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA’EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO’ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIIZIMIIFI SAB -QUUNNAMTIITTI MUUMMEE

AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII

CAAMSAA, 2017/2025

FINFINNEE

Yuunvarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogummaa guuttachuuf,Ajaa'ibduu Beenyaatiin Mataduree: "Xiinxala Walsimannaafi Garaagarummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan OromooAkka Afaan Tokkoffaafi Afaan Lammaffaatti Baratan Kutaa 9:Xiyyeeffannaa Mana Barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sad .2ffaa" Sadarkaa qorannoo Yuunvarsiitii Addis Ababaa guutee kan dhiyaate ta'uu nimirkanneessa.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa ______________________Mallattoo __________Guyyaa ______

Qoraa keessaa____________________Mallattoo _________ Guyyaa ______

Gorsaa __________________________ Mallattoo _________Guyyaa ______

______________________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee yookiin Walitti qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

**Axereeraa**

*Qorannoon kun mata-duree,Xiinxala Walsimannaafi Garaagarummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan OromooAkka Afaan Tokkoffaafi Afaan Lammaffaatti Baratan Kutaa 9:Xiyyeeffannaa Mana Barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sad.2ffaa jedhurratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha.Hanqinoonni gama dandeettii barreessuutiin jechuun,jechoota qubee sirriin barreessuu dhabuu,himoota, sirna tuqaalee bakka barbaachisutti fayyadamuu dhiisuu akkasumas, keeyyata qindeessanii barreessuu dhabuun barattootaa mul'atu guddina afaanichaaf gufuu guddaadha. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa, walsimannaafi garaagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaafi afaan lammaffaatti baratan xiinxaluun madda garaagarummaa kanaas adda baasuun rakkoo kanaaf furmaata kaa'uudha.Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti bahames,mala qorannoo akkamtaafi hammamtaati. Meeshaalee funaansa ragaalee qormaata barattootaafi af-gaaffii barsiisotaatti gargaaramteetti. Kana filachuuf immoo malli iddattoo miti carraa hojiirra ooluun qorannoon kun adeemsifameera. Iddattoo kana keessaa qorattuun mala iddattoo akkayyoo fudhateetti. Barattoota irrattimmoo mala iddattoo carraa tasaa fayyadamteetti.Odeeffannoon qormaata barattootaafi afgaaffii barsiisotaan walitti qabames, mala ibsaatiin (mala lakkoofsaafi jechaan) ibsamuun qaacceffamuun hiikni itti kennameera. Kanuma bu'uura godhachuun, argannoon bira gahamees caasaa himaa eeganii barreessuu dhabuu, seeraan qubeessuu dhabuu, sirna tuqaalee sirriitti fayyadamuu dhabuu fi barreeffamni isaanii qindaa'ina dhabuu ti. Maddi hanqinoota dhimmoota kanneenii qorannoo kana keessatti adda bahes,fedhii barattoonni afaan Oromoo barachuu dhabuu,barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan afaan Oromoo baraachuu kan jalqaban erga sadarkaa 2ffaa ga'anii ta'uu,barattoonni barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti waa'ee jechoota barreessuu, jechoota qindeessanii himoota barreessuu, sirna tuqaalee eessatti fayyadamuu akka qaban, caasaa himaafi qindoo mina himaa sirritti osoo adda baasnii hin beekin gara kutaa 9ffaatti darbuu, afaan birootti afaan hiikkachuu, hanqina shaakala barreessuu gahaa gochuu dhabuu, sirni barnootaa qophaa'ee jiruufi gochaaleen kitaaba barattootaa keessatti barreessuurratti kaa'amaniifi wayitiin barnootaa kenname muraasa ta'uu, hordoffiifi deeggarsi barsiisotni kennanillee laafaa ta'uusaati. Xumurarratti,rakkoo dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barataniifi afaan lammaffaatti baratanii fooyyessuuf, sadarkaa gadiitti seera barreeffama Afaan Oromoo adda baafatanii akka dhufan barsiisonniifi qaamni ilaallatu hundi xiyyeeffannoon irratti hojjechuu, shaakala barreessuu walirraa adda hincinne taasisuu, Gilgalootaafi gochaalee barreessuu jiran akka hojjatan jajjabeessuu , barattootaaf gochaalee shaakala barreessuu gahaa kennuufi duub-deebii keennaa deemuu,barsiisotaaf leenjiifi carraa barnootaa adda addaa kennuun dandeettii isaanii akka fooyyeffatan taasisuun ciminaan hojjetamuu qaba.*

## Galata

Duraan dursa isa na uumee akkan sadarkaa kana irra ga’uuf na gargaaree, fayyaa, ogummaa fi, hubannaa naaf kennee nagaan akkan barnoota koo xumuruuf nagargaareef galatni daangaa hinqabne Waaqayyoof haata’u.

Itti aansuun, qorannoo kana wixinee isaa irraa kaasee hanga xumura qorannoo kanaatti adeemsa qorannoon ittiin gaggeeffamu irratti nuffii tokko malee yaadaafi ogummaa akkasumas beekumsa qabaniin na deeggaraa kan turan gorsaa koo Doktar Dinqeessaa Dheeressaaf galatni ani qabu guddaadha. Itti dabalees ,abbaa koo faayidaa barumsaa hubachuun akkan baradhee sadarkaa kanaan ga’uuf najajjabeessaa tureefi maatiikoo akkasumas,hiriyootakoo akkan barnoota kana xumuruuf deeggarsa maallaqaa,yaadaa naaf taasisaa turan hundaaf galatni haa ta’u. Dhuma irratti barsiisota yaadaafi ogummaa isaaniitiin deeggarsa naaf taasisaa turan kanamalees, odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu osoo hin qusatin yeroo isaanii irraa qooduun kanneen odeeffannoo naaf kennan guddaan galateeffadha.

## Jibsoo (Hiika Jechootaa)

| Afaan Oromoo | Afaan Ingilizii |
|---|---|
| Akkamtaa | Qualitative |
| Akkayyoo | Purposive |
| Axereeraa | Abstract |
| Cimdii | Pair |
| Hammamtaa | Quantitative |
| Iddattoo | Sample |
| Mala qorannoo | Research method |
| Moosaajii | Software |
| Murteessaa | Significant |
| Qaacceessa Ragaa | Data Analysis |
| Yaada furmaataa | Recommandation |
| Xiinxala iddattoo cimdii | paired samples analysis |

## Gabaajee fi Kottoonfachiisa

Gabaajeewwaniifi kottoonfachiisa asiin gaditti dhihaatan kana qorattuun qorannoo kana keessatti kan itti fayyadamte yoo ta’u, maal akka bakka bu’uuf dhiyaatan haala armaan gadiitiin ibsitee jirti:

A/O………..Afaan Oromoo

Dhi…………Dhiira

Dub………..Dubara

kkf………....kan kana fakkaatan

Sad. ………...Sadarkaa

Sig. ………..Significe

Spss………...Statistical package for the social sciences,

Baafata

Qabiyyee Fuula

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Jibsoo (Hiika Jechootaa) ........ iii
Gabaajeefi Kottoonfachiisa ........ iii
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2.Ka’umsa Qorannichaa ........ 3
1.3.Kaayyoo Qorannichaa ........ 4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........ 4
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 4
1.4.Faayidaa Qorannichaa ........ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.6.Hanqina Qorannichaa ........ 6
Boqonnaa Lama Sakatta’a Barruu ........ 7
2.1. Sakkata’a Barruu Yaad-rimee Barreessuu ........ 7
2.1.1. Maalummaa Barreessuu ........ 7
2.1.2.Amaloota Dandeettii Barreessuu ........ 8
2.1.2.1.Dandeettiin Barreessuu Ulfaataafi walxaxaa Ta’uusaa ........ 8
2.1.2.2.Barreessuun Amala Nama Sodaachisu Qabaachuusaa ........ 12
2.1.2.3 Barreeffamni Harcaatii Yaadaaf saaxilamuu ........ 12

2.1.2.4 Barreeffamni Bakkaafi Yeroon kan hindaangeffamne ta'uu isaa ............................... 13
2.1.2.5 Barreeffamni yaada gartokkee qofa dabarsuu ........................................................... 13
2.1.3 Mallatoolee Barreeffama Gaarii ..................................................................................... 13
2.1.3.1. Walta'iinsa ........................................................................................................... 14
2.1.3.2. Tokkummaa........................................................................................................... 14
2.1.3.3. Guutummaa ........................................................................................................... 14
2.1.3.4. Xiyyeeffannoo ......................................................................................................... 15
2.1.4. Faayidaa Barreeffamaa........................................................................................... 15
2.1.4.1.Mala Baruufi Barsiisuu Keessatti .............................................................................. 17
2.1.4.2. Hubannoo Cimsuuf ................................................................................................... 19
2.1.4.3. Barachuu Si'eessuuf .................................................................................................. 19
2.1.5.Rakkoolee Ogummaa Barreessuu Keessatti Nama Mudatan .......................................... 20
2.1.5.1 Hanqina Yaada Burqisiisuu.......................................................................................... 21
2.1.5.2. Jechoota Haala Gaariin Filachuu Dhabuu .................................................................. 21
2.1.5.3. Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessatti Seermalee Fayyadamuu ....................................... 22
2.1.5.4.Seeraan Qubeessuu Dhabuu .......................................................................................... 23
2.1.5.5. Hanqina Shaakaluu...................................................................................................... 24
2.1.6.Qabxiiwwan Murteessoo Dandeettii Barreeffamaa Gabbifachuuf Gargaaran................ 24
2.1.6.1. Seera Barreeffama afaannichaa haalaan beekuu ........................................................ 25
2.1.6.2. Bal'isanii Akkasumas, Gadi fageenyaafi Xiinxalliin Dubbisuu ................................. 25
2.1.6.3.Aadaa Barreessuu Idilee /Dhaabbataa Qabaachuu ...................................................... 25
2.1.6.4.Baay'ina Jechoota Waliigalaa Afaan Tokko Keessa Jiranii Babal'isuu ...................... 25
2.1.6.5.Barreeffamichi Ifaafi Salphaa Ta'uurratti Xiyyeeffachuu .......................................... 26
2.1.7.Tooftaa/AkkaataaOgummaan Barreessuu Ittiin Barsiifamu (Shaakalsiifamu)................ 26
2.1.7.1. Barsiisaan Barreeffama Barattootaa Soroorsuu ......................................................... 26
2.1.7.2. Barattoonni Barreeffama Isaanii Akka Waliif Soroorsan Taasisuu ............................ 27

2.1.7.3. Barattoota Waliin Mariisisuu ... 27
2.2. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ... 28
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ... 30
3.1. Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ... 30
3.2.Madda Ragaalee ... 31
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ... 31
3.4.Meeshaalee Funaansa Ragaalee ... 33
3.4.1. Qormaata ... 33
3.4.2. Af-gaaffii ... 33
3.5. Tooftaalee xiinxalaafi ibsa ragaalee ... 34
Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxala Ragaalee. ... 35
4.1.Ibsa Waa'ee Odeefkennitootaa ... 35
Gabaatee 1. Ibsa Waa'ee Barattootaa ... 35
4.1.1 Ibsa Barsiisotaa ... 36
Gabatee 2. Ibsa Waa'ee Barsiisotaa ... 36
4.2. Qaaccessa firii qormaataa dimshaashaa barattoota kutaa 9ffaa kanneen A/O akka afaan 1ffa baratanii fi akka afaan 2ffaatti baratanii ... 37
4.2.1 Qacceessa firii qormaata qajeelfama tokkoffaa ... 37
Chaartii baarii 4.3.Xiinxala firii qormaata jechoota qubeessuu kan barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratani. ... 38
Chaartii baarii 4.4.Xinxaala firii qormaata jechoota qubeessuukan barattoota A/O akka afaan lamaffaatti baratani ... 39
4.2.2 Qaacceessa Tii -Teestii (T-test) qabxii qormaata barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratani jechoota qubeessuu irratti ... 40
Gabatee 4.3.Istaatiksii Saamuda Cimdii (Paired Sample Statistics) ... 40
Gabatee 4.4.Xiinxala Qormaataa Saamuda Cimdii (Paired Samples Test) ... 41
4.2.2. Qacceessa Firii Qormaata Qajeelfama Lammaffaa ... 41

Chaartii Paayii.4.1.Xiinxala Firii Qormaata Hima barreessuu barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii ........ 42

Chaartii paayii.4.2.Xiinxala Firii Qormaata hima barreessuukan barattoota A/O akka afaan lammaffaatti baratanii ........ 43

4.2.3 Qaceessa Tii -Teestii (T-test) qabxii qormaata barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffaatti baratan hima barreessuu irratti ........ 44

Gabatee 4.5.Istaatiksii Saamuda Cimdii (Paired Sample Statistics) ........ 44

Gabatee 4.6.Xiinxaala qormaataa Saamuda Cimdii (Paired Samples Test) ........ 45

4.2.3. Qaaccessa Firii Qormaata Qajeelfama Sadaffaa ........ 45

Gabatee.4.7.Xiinxala Firii Qormaata Keeyyata barreessuu barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii ........ 46

Gabatee.4.8.Xiinxala Firii Qormaata Keeyyata barreessuu barattoota A/O akka afaan lammaffaatti baratanii ........ 46

4.2.4 Qaaceessa Tii -Teestii (T-test) qabxii qormaata barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffaatti baratan Keeyyata barreessuu irratti ........ 47

Gabatee 4.9.Istaatiksii Saamuda Cimdii (Paired Sample Statistics) ........ 47

Gabatee 4.10.Xiinxaala qormaataa Saamuda Cimdii (Paired Samples Test) ........ 48

4.3. Qaaccessa Odeeffannoo Af-gaaffii ........ 48

Boqonnaa Shan:Cuunfaa,Argannoo fi Yaada Furmaataa ........ 52

5.1. Cuunfaa Qorannichaa ........ 52

5.2.Argannoo Qorannichaa ........ 52

5.3. Yaada Furmaataa ........ 55

Wabiilee ........ 57

Dabalee A. Gaaffilee Qormaata Barattootaa Qorannichaa ........ 59

Dabalee B. Af-Gaaffii ........ 61

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Qorannoon kun mataduree "Xiinxala Walsimannaafi Garaagarummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo akka AfaanTokkoffaa fi Afaan Lammaffaatti Baratan: Mana Barumsaa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sad.2$^{ffaa}$ Kutaa 9$^{ffaa}$ irratti Xiyyeeffachuun"gaggeeffame. Boqonnaan tokkoffaa kun seensa yoo ta'u, kutaa kana jalattis dhimmoonni garaagaraa hammatamanii jiru. Isaanis duraa duubaan: Seenduubee Qorannichaa, Ka'umsa Qorannichaa,Kaayyoo Qorannichaa, Faayidaa Qorannichaa,Daangaa Qorannichaafi, Hanqina qorannichaati.

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Barnoota afaanii kamiyyuu keessatti dandeettiin afaanii shoora olaanaa qaba.Dandeettiiwwan kunneenis walduraa duubaan yommuu kaa'aman bakka gurguddoo afuritti qoodamu.Isaanis: dandeettii Dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuu fi Barreessuudha. Dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbisuu odeeffannoo haaraafi beekumsa ittiin argachuu ykn gonfachuudhaaf tajaajilu.Dandeettiin dubbachuufi barreessuu immoo odeeffannoo qabnu yookiin beekumsa namoota biroof dabarsuuf oolu. Barreessuun dandeettii dubbachuurraa toooftaa adda ta'een yaada kan ittiin ibsamu waan ta'eef baruuf-barsiisuu keessatti tooftaa adda ta'e hordofuu barbaachisa. Kun kan nuhubachiisu, barsiisonni afaanii barattoonni isaanii dandeettii barreessuu daran akka cimsatan taasisuuf gahee guddaa qabu. Wasaneen (1996) akka barreessetti, adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu isa tokkoo fi kan bakka guddaa qabuudha.Akkasumas, dandeettiin barreessuu ogummaa dhalli namaa kan barate qabaachuu qabu keessaa isa tokkodha.Ogummaan kun immoo, guyyaa muraasa keessatti kan gonfatamu osoo hintaanee,yeroo dheeraa shaakaluufi dadhabbii guddaa kan gaafatudha.

Yaada kanarraa akkuma hubatamutti, dandeettiin barreessuu ulfaataa akka ta'eefi adeemsa afaan barachuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuu isaati.Kana malees, Byrne, (1991) dandeettii barreessuu akka ibsitutti, barreessuun yaada nutti dhaga'ame mallattoolee itti waliigalametti fayyadamuun karaa ittiin namoota biroo waliin waliigallu ta'uu nutti mul'isti.

Dandeettiin barreessuu mana barumsaa keessatti akka baratamuufi akkuma salphaatti hawaasa keessa jiraatanirraa barachuun akka hin danda'amnedha. Kanamalees, barreessuun dandeettiiwwan afaanii afran keessaa tokko ta'ee, karaa itti namoonni qaamaan wal-bira hin jirre karaa barreeffamaatiin ittiin walquunnamanii fi kan ittiin ergaa barbaachisaa ta'e waliif dabarsanidha.

Walumaagalatti, dandeettiin barreessuu meeshaalee waliigaltee keessaa tokko ta'ee, yaada ofii karaa qulqullina qabuufi haala qindoomina qabuun barreeffamaan dubbistootaaf ibsuurratti kan wal-nama gaafachiisu akka hintaanedha. Kun ammoo, namni wanta barreeffame sana dubbisu tokko, ergaa barreeffamichi dabarsuu barbaade sana rakkoo tokko malee akka hubatu taasisa (Atkins, et.al, 1996). Dandeettiin barreessuu adeemsa namoonni baratan bakka bu'aa waan sammuutti yaadanii yookiin xiinxalanii booda baasanii waraqaarratti qalamaan kaa'uun dhimmoota garaagaraa keessatti itti fayyadamuu danda'uu isaanii hubachuun ni danda'ama.

Kaayyoon guddaan afaanicha barachuu ammoo,walii galtee hiika qabeessa ta'e namaafi nama gidduutti uumuun dandeettiin barreeffama barattootaa haala gaariin akka dagaagu taasisuufidha. Dandeettiiwwan gurguddoo afaanii afran keessaa tokko kan ta'e dandeettiin barreessuu yoo guddatee hindagaagne,hawaasichi akka barbaadetti afaanichaan walii galee waanta barbaadu hunda galmaan ga'achuu hindanda'u.Sababa kanaaf, dandeettiin barreessuus bifa idilaawaata'een mana barnootaa keessatti sagantaan qophaa'uun adeemsi baruufi barsiisuu ittiin gaggeeffama.

Gama barreessuutiin walii galteen uumamu ergaa sammuu barreessaa keessaa, qalamaan waraqaa irratti katabamee,dubbisaan dubbisee sammuu isaatti yommuu qabatudha.Kunis bakka bu'oota sagaleelee dubbii kanneen ta'an walitti fiduun, kanamalees bakka bu'oota wantootaa, yaadotaafi qaamolee miira namaatti kan dhaga'amu hunda kan bakka bu'an jechoota walitti qindeessuunidha.Yaada kana ilaalchisee,O'Connor,et, al (1995) akka ibsanitti, irra caalaan hojiin barreessuu seeraan qindaa'ee yoo dhihaatu ykn dubbifamu faayidaa namaafi nama walii galchuuf tajaajila.

Kanaafuu, yeroo Afaan Oromootiin hojiilee baay'een jechuun,kan barnootaa, waajjirootaa, Midiiyaawwan, kkf ittiin hojjetamaa jirutti,afaan kanaan jecha,himaafi keeyyata  hiikaafi ergaa

guutuu dabarsu barreessuun itti fayyadamuurratti hanqinni bal'aan argamuun guddina afaanichaafi qaroomina hawaasichaaf rakkisaa ta'uu danda'a.

Afaan kun barattoota afaan tokkoffaafi barattoota Afaan Oromoo afaan lammaffaa ta'eef sadarkaa garaagaraa irratti eegalame.Kana jechuun, barattoonni Afaan Oromoon afaan tokkoffaa ta'eef kutaa 1-8 Afaan Oromoo kan baratan yoo ta'u,barattoonni Afaan Oromoon afaan lammaffaa ta'eef barumsa Afaan Oromoo muraasni isaanii kutaa 5-8 baay'een isaanii ammoo, kutaa 9 tti barachuu kan jalqabanidha.Kun immoo,dandeettii barreessuufi walii galtee barreeffamaan taasifamu kam keessattiyyuu gufuufi danqaa guddaadha.

Qorannoon kunis,dhimma rakkoo jecha,himaafi keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu wajjin walqabatee,walsimannaafi garaagarummaa dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barataniifi akka afaan lammaffaatti baratan gidduu jiru xiinxaluurratti xiyyeeffachuun adeemsifamee jira.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Wantoonni qorannoo kana gaggeessuuf qorattuu kakaasan kan biroon,barsiisonni mana barumsaa Ifa Boruu Eekkaa Daallee sadarkaa 2ffaa yommuu Afaan Oromoo barsiisan rakkachuu,dandeettiiwwan afaanii sadarkaa sana jiru barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammataatti barataniifi Afaan Oromoo akka afaan 1ffaatti baratan waliin walmadaaluu dhabuu,barattoonni hiikaaf malee qabiyyeef bakka kennuu dhabuufi kkf.dha.

Akkasumas, yommuu baruufi barsiisuun gaggeeffamu barattoonni yaadannoo adda addaa gabaabsanii qabachuu,gabatee, giraafiifi fakkiiwwan garaa garaa irraa wantoota arganiifi hubatan dhaggeeffatanii qindeessuufi babal'isanii barreessuurratti hanqinoota jiranirraa ka'uudhaanidha. Kanamalees,Walsimannaafi Garaa garummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota kutaa 9ffaa Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaatti Barataniifi akka Afaan Lammaffaatti Baratan xiinxaluudhaan rakkoo adda baasuun furmaata itti kennuudha.Qorannoon tokko kan geggeeffamuuf, beekumsa fi hubannoo kana dura ture babalisuuf ykn cimsuuf akkasumaas gaaffiiwwan barabaachisoo deebii barbadaniif deebii kennuufii dha (Joonsani Kirsiteen 2012).

Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti gaaffileen armaan gadii deebii argatu jedhamee yaadama:

- ❖ Barreeffamni barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barataniifi akka afaan lammaffaatti baratanii maal maalirratti walfakkaata?
- ❖ Garaagarummaan barreeffamaa barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaafi akkasumas akka Afaan Lammataatti baratan gidduu jiru maal fa’i?
- ❖ Maddi garaagarummaa dandeettii barreessuu Afaan Oromoo barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaatti barataniifi akka Afaan Lammaffaatti baratan gidduu jiru maal fa’a?
- ❖ Garaagarummaa gama barreessuu keessatti mul’atuuf falli isaa maal ta’uu mala?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu tokko kaayyoo mataa isaa qaba.Haaluma kanaan,qorannoon kunis kaayyoo gooroofi gooree ofkeessatti hammachuun gaggeeffamee jira.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Walsimannaafi Garaagarummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaafi akka Afaan Lammaffaatti Baratan,Mana BarumsaaIfa Boruu Eekkaa Daallee Sad.2$^{ffaa}$ kutaa 9$^{ffaa}$ xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa immoo kanneen armaan gadii ta’u:

- Barreeffama Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaafi akka Afaan Lammataatti baratan keessatti waan isaan irratti walfakkaatan adda baasuu.
- Barreeffama barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaafi akka Afaan Lammataatti baratan gidduutti garaagarummaa mul’atan adda baasuu.
- Madda garaagarummaa isaanii agarsiisuu.
- Garaagarummaa mul’atu kanaaf fala kaa’uu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kun bu'aa adda addaa niqabaata. Bu'aa kanarraas qaamoleen adda addaa fayyadamoo ta'uu ni danda'u. Bu'uuruma kanaan, bu'aan qorannoo kanaa qaamolee armaan gadii fayyaduu ni danda'a jedhamee abdatama.Sababni isaas, barreessuun jiruuf jireenya har'a jiraannuufis ta'e boriif meeshaa waliigaltee isa guddaa ta'ee kan nu gargaaruudha. Kanumaan walqabatee gara fuulduraatti barataa gahumsa qabu, ogeessaafi dorgomaa ta'e oomishuuf, barreeffamni isaa bilchina kan qabuufi gaarii kan ta'e, ifaa fi oddeeffannoo gaarii kan dabarsu ta'uuf mana barumsaa keessatti sirriitti madaalamee ba'uu qaba. Faayidaa qorannoo kana keessaas muraasni kanneen armaan gadii ta'u:

- Barsiisonniifi barattootni mana barumsaa Ifa Boruu Eekkaa Daallee fi Laga Xaafoo sadarkaa lammaffaa waraqaa qorannoo kana mana kitaabaatii dubbisanii kallattumaan fayyadamtoota ta'u.
- Kanneen sirna barnootaa qopheessaniifi ogeessota afaaniif bu'aan qorannoo kanaa akka madda odeeffannootti isaan fayyaduu danda'a.
- Namoota mata-duree kana waliin walfakkaaturratti ykn mata-duree kanarratti qorannoo bal'inaafi gadi fageenyaan gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa gaarii ta'uu nidanda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyeen Dandeettii Barreessuurratti ta'ee,Dogoggora Barreessuu Barattoonni Afaan Oromoon Afaan Tokkoffaa isaanii ta'eefi akka afaan Lammataatti baratan uuman walbira qabuun ilaaluu yoo ta'u,bakkaan immoo, Naannoo Oromiyaa Magaalaa Shaggaritti, Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii,Mana Barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee sadarkaa lammaffaa kutaa 9$^{ffaa}$bara2017irratti kan daanga'edha.Qorannichi barattoota mana barumsaa kanaafi kanneen adda addaa hundarrattiifi manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Oromiyaa keessa jiran mara irratti osoo gaggeeffame bu'aa guddaa qaba ture.Haata'umalee, sababa hanqina maallaqaa,meeshaalee,yeroofi kkf irraa kan ka'e,mana barumsaa kana qofaarratti daanga'eera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti akka hanqinaatti wantoonni ka'an nijiiru.Isaan keessaa muraasni,baruufi barsiisuu keessatti rakkooleen dandeettiiwwan barreessuun alatti jechuun,dandeettii dubbisuu,dubbachuufi dhaggeeffachuu waliin wal-qabatee uumaman hedduudha.Kanumarraa ka'uun ,qorannoon kun rakkoolee dandeettiiwwan kanneen keessatti uumamaniif fala kaa'uuf osoo dabalataan irratti hojjetame gaarii ture.Haata'u malee,sababa hanqina yeroofi maallaqaa irraa kan ka'e,dandeettii barreessuu barattootaarratti qofa daanga'unsaa hanqina qorannichaati jechuun nidanda'ama.

## Boqonnaa Lama Sakatta'a Barruu

### 2.1. Sakkata'a Barruu Yaad-rimee Barreessuu

Boqonnaan kun yaada hayyootaafi beektotni afaanii adda addaa waa'ee dandeettii barreessuurratti qaban kan of keessatti hammatu ta'a.Sakatta'a barruu kana keessatti mata-dureewwan garaagaraa kanneen ogummaa barreessuutiin walqabataniifi yaada hayyootaan deeggaramantu dhiyaatee jira.Kana malees,qorannoo kanaaf akka madda odeeffannoo lammataatti kan deeggaru, dhimma dandeettii barreessuu barattootaa irratti sakatta'i qorannoo walfakkii hojjetames as keessatti hammatamee jira.

### 2.1.1. Maalummaa Barreessuu

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii bu'uuraa afran keessaa isa tokkodha.Maalummaa barreessuurratti hayyoonni afaanii adda addaa yaada gad-fagoofi bal'aa ta'e kennaniiru.Kanuma ilaalchisuun,Melakneh(2004),Xing and Jim(1984) wabeeffachuun dandeettii barreessuu ilaalchisee akka barreessetti, dandeettiin barreessuu seerluga afaanii eeguu,yaada haaraa maddisiisuu,jechootatti gama adda addaan gargaaramuu kan ofkeessatti qabatuufi ogummaa hunda galeessa ta'edha. Kana jechuun, dandeettiin barreessuu dandeettii seer-lugaa qabaachuun,yaada haaraa maddisiisanii jechootatti fayyadamuun ofiifi naannoo ofii barreessuun ibsuuf kan gargaaru jechuudha. Haaluma walfakkaatuun, Geetaachoo (2007), Misgaanuu (2011) fi Beekan (2015) akka barreessanitti, barreessuun ogummaawwan afaanii isaan bu'uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa isa tokko akka ta'eefi kan qubeewwan yookaan mallattoolee uummatni irratti waliigaletti fayyadamuudhaan waraqaa,dhagaa,sibiilaafi kanneen kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan mala ergaa ittiin dabarsinudha.

Kana malees, Byrne, (1991) dandeettii barreessuu akka ibsutti, barreessuun yaada nutti dhaga'ame mallattoolee itti waliigalametti fayyadamuun karaa ittiin namoota biroo waliin waliigallu ta'uu nutti mul'isa.Dandeettiin barreessuu adeemsa namoonni baratan bakka bu'aa waan sammuutti yaadanii yookiin xiinxalanii booda baasanii waraqaarratti qalamaan kaa'uun dhimmoota garaagaraa keessatti itti fayyadamuu danda'uu isaanii hubachuun nidanda'ama. Kana

malees, dandeettiin barreessuu mana barumsaa keessatti akka baratamuufi akkuma salphaatti hawaasa keessa jiraatanirraa baruun akka hin danda'amnedha.

### 2.1.2. Amaloota Dandeettii Barreessuu

Dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan afaanii biroo irraa wantoota adda taasisan amaloota baay'ee qaba.Isaan keessaas muraasni,amala sodaachisuu,amala ulfaachuu,amala seera cimsee hordofuufi kkf kan of keessaa qabu akka ta'e ragaalee hedduutu ibsa.

#### 2.1.2.1. Dandeettiin Barreessuu Ulfaataafi walxaxaa Ta'uusaa

Dandeettiin barreessuu ogummaa dhalli namaa qabaachuufi horachuu qabu keessaa isa tokkodha.Ogummaan kun immoo,kan guyyaa muraasa keessatti argamu osoo hintaane,yeroo dheeraa kan fudhatu akkasumas,shaakalliifi dadhabbii guddaa kan barbaadudha.Kanumarraa ka'uun,Clark,et.al(1988) barreessaa beekamaa ta'uuf,ogummaa seera barreessuu eeganii barreessuufi tooftaa ittiin barreessanbeekuu qabda jechuun ibsu.Ogummaan kun, yaalii yeroo lama sadii booda illee galma ga'uu dhiisuu akka danda'u dubbatu.Yaada kanarraa kan hubatamu,ogummaan barreessuu ulfaataa ta'uusaati.

Gaaffii dandeettiin barreessuu maaliif ulfaata?jedhuuf hayyoonni garaa garaa yaada adda ddaa kennaniiru. Haata'u malee, yaanni hayyoota kanneenii kan wal tumsuufi deeggarudha. Byrne (1988) yeroo deebistu dandeettii dubbachuun wal-bira qabdeeti; yeroo dubbannu namni waliin dubbannu nu bira jira.Haala inni yookaan isheen keessa jirus yookaan jirtus fuula isaa yookaan ishee ilaaluun akkaataa isaa yookaan ishee hubachuu danda'utti yookaan dandeessutti ibsinaaf.

Yommuu barreessinu garuu dubbisaan/dubbistuun keenya waan nu bira hin jirreef carraa kana fakkaatuun hindandeenyu.kanaafuu, dubbisaan keenya gaaffii sammuutti isa dhufuuf deebii hatattamaa hinargatu jedha. Elboon (2000) cimina dandeettii barreessuu haala kanaan ibsa.Akka ibsa isaatti, rakkoon dandeettii barreessuu namoota bira jira .kana jechuun, namoonni baay'een dandeettii barreessuuf ilaalcha gaarii hinqaban.kun immoo, kallattiidhaanis ta'e al-kallattiidhaan dhiibbaa namarraan ga'uunsaa waan hinhafnedha.

Haata'u malee barreessuudhaa fi dandeettii barressuutiif ilaalcha gaarii,fedhii fi kaka'umsaan yoo itti seenne xumurrisaa gaarii ta'a.Faallaa kanaan ammoo ilaalcha gadhee,fedhiifi

kaka’umsaan ala dirqamuma barreessuu waan qabnuuf yoo barreessine barreeffama keenya namni biroon dubbisuu miti ofuma keenyayyu dubbisnee hiikasaa hubachuuf nirakkanna.

Barreeffama Afaan Oromootin barreeffamu tokkos osoo fudhannee, rakkoofi komii oliitti ibsame kana jalaa kan bahuu miti. Keessumattuu, barreeffamoota Afaan Oromoo iddoo adda addaatti barreeffamu yoo ilaalle, sababa seera barreeffama Afaan Oromoo eegee hinbarreeffamneef, ergaa dabarsuun barbaadame dabarsuurratti hanqina guddaa qaba.Kunis, barreeffamni Afaan Oromootiin barreeffamu tokko salphaa akka hintaane mul’isa.

Walumaagalatti, yaanni armaan olii kuni, sababoota barreessuu ogummaa cimaa taasisan kan ibsaniidha. Haata’uumalee, rakkoo kana tooftaa adda addaa fayyadamuun fooyyeffachuufi sirreessuun akka danda’amu maddoota garaagaraarraa hubachuun nidanda’ama. Dhimma kanas Nunan (2000:36) akkas jedha:

*The best way to improve your spelling is to read, read and read. A more systematic method is to focus on words that you repeatedly miss per. Memorize their spelling and practice writing sentences with this words. As a writer, it is not that minor problem for writers it shows as that you are at best sloppy at worst, illiterate.*

Yaanni kuni gabaabumatti kan nuhubachiisu, ogummaan barreessuu akka ogummaawwan kanneen biroo salphaa akka hintaanedha. Haata’uumalee, namni tokko bakka rakkoo qabu sana adda baasee beekuufi irra deddeebi’ee dubbisuun, jechoota barreessuun itti ulfaatan sanniin sammuutti qabachuufi yeroodhaa gara yerootti jechootichaan himoota barreessuu shaakaluun dandeettii isaa nigabbifata.

Adeemsi haala kanaan shaakalamu kuni ogummaa barreessuu sadarkaa jechaatti ta’uullee, barreeffama kanneen akka keeyyataa, gabaasaa, xalayaafi w.k.k.f barreessuufis yeroodhaa gara yerootti irra deddeebi’uun shaakaluun, dhimma filannoo keessa hingalledha.

Gama biraatiin,Girmaan (2010),Byrne (1998) wabeeffachuun dandeettii barreessuu warreen ulfaataa taasisan wantoonni sadii akka jiran ibsa:Rakkoolee xiin-sammuu,yaad-sammuufi xiin-qooqaati jedha.Kanamalees,Clark, et.al (1988) barreessuun jechoota ‘foobiyaa’fi ‘giraafoo’jedhaman irraa kan madde yoo ta’u,hiiknisaas, ‘foobiyaa’ jechuun sodaachuu,

‘giraafoo’ jechuun immoo,barreessuu akka ta’e ibsu .Kanarraa kan ka’es,sodaan kun rakkoo xiin-sammuu wajjin waan wal qabatuuf barreessuun akka ulfaataa ta’u taasisa.

Haaluma wal fakkatuun,Nunan (1989) yaaduma armaan olii yoo cimsu,haalli ulfaatina dandeettii barreessuu kun,afaan dhalootaanis ta’e,afaan lammaffaan dandeettiiwwan biroo waliin yoo wal bira qabamu,dandeettiin barreessuu caalaatti ulfaataa akka ta’e ibsa.Qabatni isaas,barreessuun seerota hedduu waan qabuuf barreessaan seerota kana dogoggoruu nan danda’a jedhee waan sodaatuuf akka ta’e ibsa.

Kanuma ilaalchisuun,Sweetman,et.al (1995) afaan dubbiifi afaan barreeffamaa wal bira qabamee yommuu madaalamu,afaan dubbii bifa idilaawaa hinta’iin naannoo keessa jiraatan irraa iddoo barataniibooda,itti aansuun afaan barreeffamaa akka baratamu addeessu.Kunis,dandeettiin barreessuu amala wal xaxaa kan qabu akka ta’e namatti mul’isa.Haaluma wal fakkaatuun ,dandeettiin barreessuu akka dandeettii dubbachuu bifa idileen ala naannoo jiraatanirraa akka hinbaratamne agarsiisa.Dandeettii barreessuu bifa idilaawaa ta’een barsiisuuf,mala baruu barsiisuufi wantoota kana galma ga’uuf barbaachisan guutamuu waan qabaniif (Atkins,et.al 1996).Yaada kanarraa kan hubannu,dandeettii barreessuu barsiisuuf waan baay’een kan barbaachisu akka ta’edha.

Akka Byrne(1988) amaloota barreessuufi dubbachuu waldorgomsiisuun ibsitutti,amaloonni dandeettii barreessuu adda taasisan ni jiru. Isaanis, himoonni barreeffama keessatti mul’atan,hubannoofi xiyyeeffannoo haala ifa ta’een akka ergaa dabarsuu danda’anitti qidaa’anii dhihaachuu qabu. Kunkan ta’uu qabuuf, barreessaafi dubbisaan walbira waan hin jirreef yoo yaanni barreessaa ifaa hin taane, dubbisaan hubachuu hin danda’u waan ta’eefi. Akkasumas, barreessaan sirna tuqaalee, qubguddeessaa, jechoota walta’iinsaafi xiyyeeffannoo agarsiisanitti gargaaramuun yaada isaa ifa gochuun barbaachisaa akka ta’e dha.

Yaaduma armaan olii tumsuun, dandeettii barreessuu keessatti barreeffama gaariifi ga’aa ta’e tokko qopheessuuf dadhabbii cimaa gaafata.Kanas galmaan ga’uuf adeemsa barreessuu keessa darbuun dirqama jedhu.Kana ta’uu baannaan,barreeffamni dubbistootaaf dhiyaatu fudhatama hinqabaatu.Kanaafuu,amala barreessuu keessaa inni biroon nuffisiisaafi obsa kan gaafatu ta’uu ibsu(McDougal,et.al 1981).

Dandeettiin barreessuu kan sadarkaa barattoonni gonfatan ta’ee,isa ulfaataafi xaxamaadha. Yaada kana Misgaanuu (2011) yoo ibsu, Dandeettiin barreessuu akka dhaggeeffachuufi dubbachuu waan salphaatti baratamu osoo hin taane xiyyeeffannaan guddaan itti kennamee kan mana barnootaatti baratamu ta’uusaati.

Barreeffama ergaa guutuu dabarsuufi fudhatama qabu barreessuu keessatti wantoonni tokko tokko akka salphaatti ilaallamanillee, ergaa barreeffamichi dabarsuuf barbaaderratti gufuu ta‟aniit argamu.Kun immoo dubbistoota keenya biratti fudhatama dhabuu danda’a.Yaada kana,Byrne (1988:4) akkas jechuun yommuu ibsitu, “Writing is a difficult activity for most people, both in the mother tongue and in the foreighn language,” jetti.

Akkuma yaada kanarraa hubatamutti, barruu ergaa guutuu qabu tokko barreessuun, afaan dhalootaanis ta’ee afaan lammataa keessatti hojii ulfaataa akka ta’eedha. Haaluma walfakkaatuun Norrish (1983:3) rakkoolee Ogummaa barreessuu yoo ibsu, “Writing is the language skill with which the native speaker has most problems and one which is not mastered at all by some of them.This is because of the features of writing which make it harder and thus more susceptible to error,” jedha.

Yaanni kunis, barreessuun ogummaawwan afaanii kaawwan caalaa dubbattootuma afaanichaa birattillee waan ulfaatuuf, barreessitoonni baay‟een waa barreessuurratti hinmilkaa’an.Kunis yommuu barreessinutti wantoonni guuttamuu qaban waan jiraniifi. Adeemsi waa barreessuu kan gaggeeffamu dhuunfaan waan ta’eef, dogoggora uumuu dandeenya. Dogoggorri nuti uumuu dandeenyus isaan guguddaan karaalee sadiin ta’uu akka danda’u, Byrne (1988:4) haala armaan gadiitiin ibsiti:

- **Rakkoo xiinsammuu (*Psychological problems)*-** *Writing is essentially a solitary activity and the fact that we are required to write on our own without the possibility of interaction or benefit of feedback, in itself makes the act of writing difficult.*

- **Rakkoo Xinqooqaa ( *Linguistic problems)*-** *Because of what learners do with choosing their own sentence structure and the text they produce might creat diffierent interpretations, they become over consicious about being criticized.*

**Rakkoo hubannoo ( *Cognitive problems*)**- *Writing is a task which we have to perform on our own. Unlike speaking, writing demands hard work on how to choose the context, in what way to put it on paper and how to set correct.*

Akka qabxiilee kanneenirraa hubachuun danda'amutti, dogoggorri nu mudachuu dandaa'u karaalee sadiin ta'uu akka danda'uudha. Isaan keessaa inni jalqabaa, karaa hanqina xinsammuu yoo ta'u, kunis ogummaan kuni ogummaa osoo nama kan biraa gidduu hingalchin taasifamu waan ta'eef yemmuu kanas dogoggorri nu mudachuu akka danda'u hubanna. Qabxiin inni itti aanu rakkoo xinqooqaati.Yaada kanarraa wanti hubatamu, barattoonni yommuu waa barreessuuf himoota mataa isaanii ta'e jedhaniituma filatan, hiikaa gara garaa jalaa kennuu akka danda'u yoo ibsu, qabxii sadaffaarratti rakkoo yaaduu waliin kan walqabatuudha.

Kunis, barreessuun hojii nuti ofumaaf itti yaannee barreessinu ta'uu isaati.Bu'uuruma kanaan, barreessuun akka dubbachuu osoo hintaane, hojii itti yaannee qabiyyee irratti barreessinu, haala akkamiin akka barreessinuufi w.k.k.f itti yaannee hojjennu akka ta'e nuhubachiisa.

### 2.1.2.2. Barreessuun Amala Nama Sodaachisu Qabaachuusaa

Akkasumas, Langan (2011) namoonni hedduun barreessuu ni sodaatu jedha. Sababni isaas, dandeettii barreessuu gonfachuuf obsa waan gaafatuufi. Namoonni baay'eenis, ulfaachuusaa irraa kan ka'e obsa dhabaa fi sodaachaa deemu. Kana waan ta'eef, namoonni barreessuurratti dadhaboo akka ta'anitti of ilaalu. Kanumarraa kan ka'e, barattoonni barnoota dandeettii barreessuu waliin wal qabatan akka jibban isaan taasisa jechuun ibsa.

Dimshaashumatti,dandeettiin barreessuu jechoota seeraan qubeessuu,sirna tuqaalee,qub-guddeessa,keeyyataan qooduu,qindeessuufi wkf waan barbaaduuf amaloota dandeettiiwwan afaanii kanneen biroorraa adda isa taasisa jedhu (Clark, et.al, 1982).

### 2.1.2.3 Barreeffamni Harcaatii Yaadaaf saaxilamuu

Dhimmaa kanaan walqabatee, Byrne (1988) dandeettii Dubbachuufi dandeettii Barreessuu walbira qabdee yeroo ibsittu, yeroo dubbachuun waliigallu, qaamnii dubbataafi dhaggeeffataa walbira jiru sababa ta'eef, yaada dubbataan irra darbe, ibsa dabalataa kennuun, gaafachuu, kkf waan guutamuuf harcaatii yaadaaf hinsaaxilamu. Dandeettii Barreessuun waliigaluun garuu,

qaama tokko qofaan bakka dubbisaan hinjirretti kan barreeffame sababa ta'eef yaada guutuu dabarsuurratti akka hanqina qabu ni ibsiti. Yaaduma kana kan gabbisu የሻው (1996) amala barreessuu isaa yoo ibsuu, barreessuun yoo xiqqaatee, bakka lammatti akka harcaatii yaadaaf saaxilamu ka'era. Tokkoffaa yaada keenya barreeffamaan waan hudaa ka'un ibsuun rakkisaa sababa ta'eef harcaatiin yaadan nimul'ata. Akkasumas, waan barreeffame tokko namni dubbisuu, akkuma hubannoo isaatti yaadicha kan fudhatu sababa ta'eef, dubbisinne yaada fudhachurratti harcaatiin yaada akka uumamuu nuf ibsa.

### 2.1.2.4 Barreeffamni Bakkaafi Yeroon kan hindaangeffamne ta'uu isaa

Byrne (1988) akkuma armaan ol ibsameetti dubbachuufi barreessuu ergaa dabarsurratti garaagarummaa isaan qaban jette kan ibsite keessa tokko, yaada dubbachuurraa argachuuf, bakka sanatti yeroo sana argamuu akka barbaachiisu yoo ibsituu, barreeffamne garuu, bakka barbaaneetti yeroo barbaanne dubbisne ergaa irra fudhachuu danda'u keenya ibsani jiru.

Kunis kan nu yaadachiisuu, dhufteen dandeettii barreessuu gara addunyaa kanaatti maaliif akka ce'amedha.

### 2.1.2.5 Barreeffamni yaada gartokkee qofa dabarsuu

Dandeetti Dubbachuu yoo fudhanne, qaamni dubbatuufi dhaggeeffatu walbira sababa jiraniif, dhaggeeffataan wantaa dubbatun ala, fuula dubbataarraa (Facial expression) , Sochi qaamarraa (gesture ) fi akkaataa sagaleessuurraa (Tone) yaadota hubachuu akka danda'u Byrne (1988) fi Raimes (1983) nuf ibsu. Gara barreeffamaatti yoo dhufne garuu, yaada kan argannu waan barreeffama qofarraadha.

### 2.1.3 Mallatoolee Barreeffama Gaarii

Barreeffamni tokko gaariifi fudhatama qaba jedhamuuf wantoota jechisiisan warreen murteessoon nijiru.Bu'uuruma kanaan,amaloota barreeffama gaarii sirriitti hubachuuf, yaada garaagaraa hayyonni ibsan akka armaan gadiitti kaa'ameera.Diyanifi Pat(1998) amaloota barreeffama gaarii ilaalchisee yoo ibsan, barruun tokko barreeffama gaariidhajedhamuuf amaloota afur qabaachuun dirqama ta'uusaati. Isaanis: walta'iinsa, Tokkummaa,Guutummaafi Xiyyeeffannoodha.

### 2.1.3.1. Walta’iinsa

Barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf, ulaagaa inni guutuu qabu keessaa tokko walta‟iinsa barreeffamaati. Walta‟iinsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himni gargaartuun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsan. Haaluma walfakkaatuun, keeyyanni haala armaan oliitiin qindaa‟e walduraa duuba isaanii eeganii yoo dhihaataniidha. Broadmanfi Frynberg(2008).Barruu tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaanii hubachuu danda‟aniin qindaa‟uu qaba. Kunis yaadonni barreeffama keessatti dhihaatan walta‟iinsa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraaduuba isaanii eeganii qindaa’uu qabu. Diyanifi Pat(1998), Yaada armaan olii yoo cimsu barreeffamni akkaataa nama amansiisuun qindaa‟e, barruu walta‟iinsa qabu ta‟uusaati. Haata’u malee, barreeffamni haala gaariin hin qindeeffamneefi walta’insa hinqabne immoo, dubbistoonni ergaa isaa salphaatti akka hin hubanne taasisa.

### 2.1.3.2. Tokkummaa

Barreeffamni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yaanni himoota keeyyattootaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo keeyyatichaa waliin kan walqabataniifi walitti dhufan yoo ta’edha. Haaluma walfakkaatuun, barruun barreeffame tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yoo keeyyattoonni barreeffamichaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo barreeffamichaa waliin yaada tokkoofi walfakkaataan yoo dhihaataniidha. Barruun tokkummaa qabu, barreeffama yaadni ijoon isaa ifa ta’ee dhihaatedha.Himni ijoon kunis, akkuma keeyyata keessaatti bakka garaagaraatti galuu danda’u barreeffama guutuu keessattis bakka adda addaatti galuu danda’a.Barreeffamni tokkummaa qabu dubbistoota hin rakkisu.Dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yommuu dubbisan, haala salphaa ta’een ergaafi yaadasaa hubatu.Kana jechuun ,salphumatti yaada jiru hubachuun keeyyata tokkorraa gara keeyyata biraatti ce’uu danda’u. Barreeffamni tokkummaa hin qabne garuu dubbisanii ergaasaa hubachuuf nama rakkisa. Kanamalees, dubbistoonni kaayyoo barreeffamichaa hubachuu akka hin dandeenye taasisa.Crimmon (1963).

### 2.1.3.3. Guutummaa

Guutummaan barruu tokkoof barbaachisaadha. Barreeffamni guutummaa qabu kan beekamu, ergaa yookiin yaanni barreeffamichi dabarsu dubbistootaaf sirriitti kan hubatamu yoo ta’edha.

Kellyfi Lawton(2006) guutummaa barreeffamaa yoo ibsu, jechoonniifi himoonni keeyyata, keeyyataafi keeyyatoonni barbaachisoo hin taane, akkasumas, hiikni isaanii ifa kan hin taane keeyyaticha yookiin barreeffamicha keessa yoo hin jiraannedha.

### 2.1.3.4. Xiyyeeffannoo

Xiyyeeffannoonis akkuma amaloota barreeffama gaarii kanneen biroo, amaloota barruu tokko barreeffama gaariidha jechisiisan keessaa isa tokkodha. Barreeffamni tokko xiyyeeffannaa qaba yommuu jedhamu, himoonni callaan hima ijoo barreeffamichaa ibsuuf yoo tarreeffamaniifi akkaataa walduraaduuba barbaachisummaa isaaniitiin sirriitti yoo tarreeffamaniidha.Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamichaa walduraa duuba barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. Kellyfi Lawton (2006). Dimshaashumatti, keeyyanni yookiin barreeffamni tokko gaariidha kan jedhamu, amaloota armaan olitti ibsaman yoo of keessaa qabaatedha

### 2.1.4. Faayidaa Barreeffamaa

Dandeettiiwwan afaanii barattootni gabbifachuu qaban keessaa dandeettiin barreessuu isa murteessaadha. Yaaduma kana deeggaruun, Atkins,et.al,(1996) fi Clark,et.al,(1988) akka addeessanitti, dhaggeeffatanii yaadannoo qabachuuf, waan dubbisaniifi ijaan argan galmeessanii qabachuufi muuxannoo qaban namoota biroof dabarsuuf dandeettii barreessuu gabbifachuun barattootaa murteessaadha.

Dabalataan, Level (2001) dandeettii barreessuu gabbifachuu ilaalchisee akka barreessetti, dandeettiin barreessuu meeshaalee waliigalteef oolan keessaa isa tokko ta'ee, kan baay'ee humna qabuufi har'as ta'e bara jireenya namaa guutuu kan nama gargaaru akka ta'e ibsa.

Kana jechuun, dandeettiiwwan afaanii kanneen kaaniin waanti hojjetamu turtii yeroo dheeraan booda kan dagatamaniifi kan barreeffamaan taa'e garuu irra deebi'anii dubbisuun hubachuufi itti fayyadamuun kan danda'amu ta'uusaati.

Kana malees,namnikamiyyuu yaada, fedhii, hawwii isaafi kanneen kana fakkaatan namoota isa bira jiraniifis ta'e, kanneen isarraa fagaatanii jiraniif yookiin dhaloota itti fufuuf yaada hiruu barbaade barreessuun mala ittiin dabarsuuf yookiin kaa'uuf tajaajilu keessaa isa

tokkodha.Yaaduma kana deeggaruun, Crème (2003:9) faayidaa barreessuu ilaalchisee yaada armaan gadii kaasa.

*Although we suggest that you should see writing as something like a job of work, try to think of ways of making it enjoyable. What is more, we should emphasize that despite – or perhaps because of – the difficulties, learning to express and develop your ideas in writing can be satisfying and rewarding.*

Yaadni armaan olii kun, ogummaan barreessuu hojii of danda'e ta'us, akka madda gammachuuttis tajaajiluu isaa nuhubachiisa. Kunis barreessuu hojii ulfaataadha jechuun sodaachuun sirrii akka hintaanedha. Haata'u malee, ilaalcha (sodaa) kana cabsuun akkaataa itti yaadaafi fedhii keenya haala sirrii ta'een barreessuunnama biraaf dabarsuu danda'uun faayidaa qabeessadha.Barreessuun akka barattoonni sammuufi qaama isaanitiin hirmaachuun waa uuman, yaada maddisiisaniifi qindeeffatanii yaada isaanii dabarfataniif isaan jajjabeessa.Adeemsa kana keessa darbuun immoo madda gammachuu keessaa tokko akka ta'eedha.

Kana malees, Atkins etal (1996:86) faayidaa barreessuu ilaachisee, "*Writing skill is the most important skills for students learning language to develop not ony communication in writing, but also to develop intellectual and academic progress,"*yaada jedhu kaasa. Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amu barreessuun faayidaa hedduu akka qabuudha.Kunis, barreessuun waliigaltee barreeffamaan ta'u keessatti qofa osoo hintaane, beekkumsa adeemsuma jireenyaa keessattuu faayidaa guddaa akka qabuudha.

Dabalataan, Clark,et.al,(1988) waa'ee dandeettii barreessuu akka addeessutti,ogummaan barreessuu faayidaa afaanii gama dandeettii barreessuutiin galmaan ga'uu kan danda'u,caasaalee barreessuufi seerota barreessuu faana bu'uun yoo barreeffamedha.Ogummaa kana gabbifachuuf,barreeffamoota fakkeenya ta'an akka fakkeenyaatti fudhachuufi barreessuu jalqabuun dura wantoota barreeffaman sanarratti karoora qopheessuun barbaachisaa akka ta'e ibsu.Yaada kanarraa waanti hubatamu,barreeffama ga'umsa qabu barreessuuf dursa barreeffama barreeffame sana dubbisuun muuxannoo barreessuu namoota biroorraa fudhachuun barbaachisaa akka ta'edha.

Haaluma walfakkatuun,O’Connor, et.al (1995) barreessuun yaadannoo dhuunfaa qabachuuf,namoota dhiyoofi fagoo jiran wajjin yaada wal jijjiiruuf,ergaa bilbilaa ittiin barreeffachuufi wkf akka tajaajilu ibsa.Akkaataan barreeffamichaas,kanneen hima guutuudhaan barreeffaman sirna tuqaalee barbaachisoo ta’anitti gargaaramuun akka barbaachisuufi kanneen hima guutuutiin hinbarreeffamne immoo,sirna tuqaaleetti fayyadamuun akka hinbarbaachifne ibsu.

Akkasumas,Ur (1990) yoo ibsu,haala baruu barsiisuu durii keessatti barreessuun akka dandeettii afaan tokkootti ,barattoonni yaada bal’inaan ibsachuu caalaa seer-luga,jechaafi gilgaalawwan hojjennu qofaarratti akka xiyyeeffatan kan taasisu akka ture addeessa.

Akka faayidaa waliigalaatti immoo,Nunan (1991), Halliday (1985) wabeeffachuun,barreessuun sirrii ta’e guddina afaaniifi jijjiirama aadaa keessatti fedhii uummanni dubbii afaaniin guuttachuu hindandeenye furuuf akka fayyadu ibsa.Fakkeenyaaf,mallattoolee garaa garaa kallattii agarsiisuuf barreeffaman,haala fayyadama meeshaalee haaraa tokkoo kan ibsan, kaartaa (maappii) maanuwaalii garaa garaa hubachuuf, odeeffannoo karaa gaazexaan akkasumas barruulee adda addaan kennaman hubachuuf akka gargaaru eeru.

Yaaduma kana akka,O’Connor, et. al (1995) ibsutti, barreeffamni baayinaan barreeffamu ykn dubbifamu dhimma walii galtee namootaa fi namoota gidduutti taasifamu irratti kan xiyyeeffatan akka ta’e dha. Fakkeenyaaf namoonni kan keessa isaanitti yaadan afaanin mul’isuu hin dandeenye barreeffamaan ifa akka godhan taasisa.Walii galtee kanas, akka yaadametti galmaan gahuuf dhimma barreeffamichi irratti xiyyeeffatuufi dubbistoota barreeffamichaa hubannoo keessa galchuun barreeffamuu akka qabu ibsu.Yaada kanarraa wanti hubatamu, barreessaan tokko barreeffama isaa yommuu barreessu haala dubbistootaa jechuunis, aadaa, sadarkaa barumsaa, haala qaroominaa fi wkf ilaalcha keessa galchuu akka qabu mul’isa.Bu’uuruma kanaan,faayidaan barreeffamaa muraasni akka armaan gadiitti ibsamuuf yaalameera:

### 2.1.4.1.Mala Baruufi Barsiisuu Keessatti

Mala baruufi barsiisuu keessatti dandeettiin barreessuu qooda guddaa qaba.Atkins,et.al(1996), White (1989) wabeeffachuun barattoonni waan daree keessatti qopheessan waljijjiiranii dubbisuufi waliif ilaaluun akka muuxannoo walirraa argatan gargaara.Kunis,barattoonni waanta

barreessan irra deebi’anii gulaaluun akka isaan dogoggora jiru sirreeffataniif karaa kan banuufi qajeelchudha.

Kanamalees, barreessuun dalagaalee adda addaa barattoonni daree keessatti raawwatan walitti fiduun akka qaama ilaallatuuf gabaasa dhiheessan isaan taasisa jechuun ibsu.Kanuma ilaalchisuun,Wilgan (1988) dandeettiin keeyyata barreessuu kan fooyya’u,daree barnootaa keessatti dhuunfaadhaan,gareeniifi hawaasummaatiin yoo shaakalamedha jedha.Akkasumas,barreessuun carraa dandeettiiwwan afaanii walitti fiduun si’a tokkotti barachuu barattootaa kan cimsudha.Kanamalees,fiixa ba’insa barnoota afaaniifi hirmaannaa barattoonni taasisaniif akka duub-deebiitti tajaajila.

Dandeettiin barreessuu,akka barattoonni dandeettii seer-lugaafi itti fayyadama jechootaa dagaagfataniif akka mala qorannoo tokkootti gargaaruusaa ibsu.

Faayidaa barreessuurratti Atkins,et.al(1996) jiruufi jireenya keessatti waanti barreeffamu marti faayidaarratti kan xiyyeeffate ta’uu ibsu.Waanti barattoonni daree keessattis ta’e,dareen alatti barreessan kamiyyuu,akkuma dandeettiiwwan biroon faayidaa adda addaa qaban dandeettiin barreessuus faayidaa guddaa akka qabu ibsu.Kanumarraa ka’uun ,faayidaa barreessuun qabu barattoota hubachiisuun akka dandeettii barreessuu isaanii gabbifatan hubachiisuu murteessaadha.

Karaabiraatiin ammoo,Hedge(1988) barreessuun karaa barsiisaan ga’umsa barattootaa sakatta’uufi hanqina barattootasaa adda baasee akka beekuuf kan fayyadu ta’uu ibsiti.Itti dabalees,barattoonni afaan baratan sanaa waa’ee jireenya hawaasaa ykn naannoo isaanii akka ibsataniifi dandeettii barreessuun walii galtee uumuu akka gabbifataniif kan isaan gargaaru ta’uu ibsiti.Kanumarratti hundaa’uun,ga’umsi dandeettii barnoota afaanii,ga’umsa dandeettii barreessuu malee guutuu ta’uu akka hindandeenye addeessiti.

Yaada beektota armaan oliirraa kan hubatamu,faayidaan barreessuu barattoonni daree barnootaafi barnootaan alatti,barreeffamaan of ibsachuu akka danda’aniif isaan gargaaruusaati.Kanaaf,barattoonni dandeettii kana gabbifachuuf nuffii tokko malee yeroo hunda irra deddebi’uun shaakaluufi barreessuu akka qabanidha.

### 2.1.4.2. Hubannoo Cimsuuf

Ga’umsa dandeettii barreessuu qabaachuun, barattootaa bu‟aan inni qabu, barnoota afaanii qofaaf osoo hintaane, barnoota biroo keessattiillee hubannoo cimsuudhaaf nigargaara.

Yaada kana Langan (1985:238) *Review your notes as soon as possible after class. You must make them as clear as possible while they are fresh in your mind. A day later may be too late, because for getting sets in very quickly. Make sure that punctuation is clear, that all words are readable and correctly spelled, and that unfinished sentences are completed. Add clarifying or connecting comments wherever necessary. Make sure important ideas are clearly marked. Improve the organization if necessary, so that you can see at agalance main points and relationships among them.*

Akka yaada kanaatti, barattoonni yadannoo kutaa keessatti qabatan kutaadhaan booda sirna barreeffamaa eeganii yaadannoo isaanii wayita sirreessaniifi qindeesanii barreessan irraanfachuu salphisanii hubannoo akka cimsatan isaan gargaara.Bu’uurri kanaa immoo ga’umsa dandeettii barreessuurraa argama.

*Review your notes as soon as possible after class. You must make them as clear as possible while they are fresh in your mind. A day later may be too late, because for getting sets in very quickly. Make sure that punctuation is clear, that all words are readable and correctly spelled, and that unfinished sentences are completed. Add clarifying or connecting comments wherever necessary. Make sure important ideas are clearly marked. Improve the organization if necessary, so that you can see at agalance main points and relationships among them.*

Yaada kanarraa waanti hubatamu ,barattoonni yadannoo kutaa keessatti qabatan kutaadhaan booda sirna barreeffamaa eeganii yaadannoo isaanii wayita sirreessaniifi qindeesanii barreessan irraanfachuu salphisanii hubannoo akka cimsatan isaan gargaara. Bu’uurri kanaa immoo ga’umsa dandeettii barreessuurraa argama.

### 2.1.4.3. Barachuu Si’eessuuf

Barnoonni gosa gosaan (by field of study) qophaa’ee barattootaaf kennamu keessatti, ga’umsi dandeettii barattoonni barnoota isa tokko keessatti horatan, milkaa’ina barachuu barattootaatiif

barnoota isa kan biroo keessatti gumaacha gaarii qaba. Yaada kana Langan (1985:237) yoo cimsu akkas jedha: *One of the most important single things you can do to perform well in a college course is to take effective class notes make use of abbreviation while taking notes. Using abbreviations saves time when you are trying to get down a great deal of information. Abbervation terms recur frequently in lecture and put a key to your abbreviations at the top of your notes. For example, in a sociology class, eth could stand for ethnocentrism; in psychology class, s-t mem could stand for short term memory. (When a lecture is over, you may want to go back and write out the terms you have abbreviated). If you use the same abbrevations all the time, you will soon develop a kind of personal .*

Akka yaada beekaa kanatti, ga'umsi dandeettii barreessuu, damee barnootaa kamuu keessatti barachuun bu'aa qabeessa akka ta'u godha.Kunis, barattoonni kutaa keessatti ibsa kennamu dhaggeeffatanii yaadannoo qabatan kutaadhaan booda qindeessanii barreessanii akka itti fayyadaman isaan dandeessisuu isaati.

Walumaagalatti, hawaasni tokko hawwii fi fedhii isaa afaan dubbiitiin guuttachuu danda'u afaan barreeffamaanis waliigaluuf wanti barreeffamu sun seeraan qindaa'ee dhiyaachuu akka qabu dha.Akkasumas, dandeettiin barreessuu meeshaalee waliigaltee keessaa tokko ta'ee, yaada ofii karaa qulqullina qabuufi haala qindoomina qabuun barreeffamaan dubbistootaaf ibsuurratti kan walnama gaafachiisu miti. Kun ammoo, namni waanta barreeffame sana dubbisu tokko, ergaa barreeffamichi dabarsuu barbaade sana rakkoo tokko malee akka hubatu taasisa (Atkins, et.al, 1996). Akkasumas, yaada kanneenirraa wanti hubatamu, barreessuun ogummaa barbaachisaafi bu'urarraa barachuufi barsiisuun barbaachisu ta'uu isaati.

### 2.1.5.Rakkoolee Ogummaa Barreessuu Keessatti Nama Mudatan

Yommuu barattoonni gochaa barreessuu shaakalan rakkooleen yeroo baay'ee isaan mudatan nijiru.Barattoonni barreessuu yeroo shaakalan , rakkooleen kanneen akka filannoo jechootaa, irra deddeebi'iinsa jechootaa, rakkoo itti fayyadama jechootaa, rakkoo qubeessuu, rakkoo caaslugaa, rakkoo itti fayyadama sirna tuqaaleefi w.k.k.f. isaan quunnamuu(mudachuu) nidanda'u. Isaan kanneenis akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaaluun nidanda'ama:

### 2.1.5.1 Hanqina Yaada Burqisiisuu

Dandeettii Barreessuu cimaafi xaxamaa wantoo ta taasiisan keessaa rakkoon Hubbannoo yaadaa (Cognitive problem) isa tokkodha . Byrne (1988) barreessuuf waa’ee dhimma barreesinuu sana yaadni , ragaan, odeeffannoon, kkf beekuu gaafata. Odeeffannoo hinqabnu taanaan barreessaafi waraqaan wal ilaaluu qofa ta’a.

### 2.1.5.2. Jechoota Haala Gaariin Filachuu Dhabuu

Filannoo jechootaa yemmuu jennu, jechoota yaada keenya sirriitti ibsuu danda‟anitti gargaaramuun barreessuu jechuudha.Yaaduma kana Fedhaafi Abarraa (1996:82) yaada dabarsuu barbaanne san kallattiidhaan gabaabsinee, garuu ifa taasisnee yoo keenye dubbisaan keenya barreeffamicha akka nuuf dubbisuu danda’an lafa kaa’u.

Yaada kanarraa wanti hubachuun danda’amu, barruun keenya suni dubbisaa keenya biratti fudhatamaa akka argatuuf, ifa ta’uufi gabaabbachuu akka qabuudha. Dabalataanis, Reid (1993:14) yaada kana yommuu cimsu akkas jedha, “When the writer practices the choises of vocabulary that would reflect a concern for the reader and the purpose of writing, the composition written by the student would become sensible to his readers.”

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, barreessaan tokko yommuu jechoota filatee waan tokko barreessuu shaakalu, hubannoofi fedha dubbistoota isaa san giddugaleessa kan godhate ta’uu akka qabuudha. Yoo wanti barreeffame suni dubbistoota jidduu galeeffate, dubbistootaa birattillee hiikaa guutuu qabaachuu danda’a.

Rakkoon inni biraan,jechoota waliin deemanitti fayyadamuu dhabuudha.Akka Fedhaafi Abarraa (1996) ibsanitti hima tokko keessatti jechoonni tajaajila walfakkaataaf oolan gareen isaaniis walfakkaachuu akka qabu fakkeenya armaan gadii kanaan ibsu.

*Inni nyaachuu, dhuguufi fiigicha jaalata.*Hima kana keessatti jechoonni *nyaachuu*fi *dhuguu* jedhan, tajaajilaanis gareedhanis tokkuma.Kunis gareen isaan lachuutuu gochima.Haata‟uumalee jechi fiigicha jedhu himicha keessatti tajaajila jechoota armaan olitti ibsinee qabaatus, gareen isaa adda; maqaadha.Kun immoo himichi akka ergaa guutuufi fudhatamummaa dhabu isa taasisuu isaa hubanna. Kanaafuu, himichi osoo gara,

Inni nyaachuu, dhuguufi fiiguu jaallata ykn inni nyaata, dhugaatiifi fiigicha jaallata, yaada jedhanitti sirreeffamee fudhatamummaan isaa nidabala.

Yaada kana Kharma (1986:25) yoo cimsu, "Students have the problems of structuring the sentence, paragraph, topic development of paragraph, structuring the whole discource and development of a theme in a discourse," jedha.

Yaada kanarraa hubachuu kan dandeenyu, barattoonni yommuu barreessuu shaakalanitti rakkoolee kanneen akka, hima ijoo keeyyataa filachuu,caasaa himaa sirreessuu, keeyyata sirrii ta'e barreessuufi ergaa(hiika) waliigalaa barreeffamaa guutanii argamuu dhabuun isaan quunnamuu isaati.

### 2.1.5.3. Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessatti Seermalee Fayyadamuu

Barreeffamni keenya qulqullinaafi ergaa guutuu akka qabaatuuf, barreeffamicha keessatti sirni tuqaaleefi qubguddeessatti seeran gargaaramuu qabna. Himni yookan barreffamni tokko maaliif akka tajaajilu ifa kan ta'u, yommuu sirni tuqaaleefi qubguddeessi seeran tajaajiluu qabu. Yaada kana Fedhaafi Abarraa (1996) akka barreeffamaan ergaa dabarsuuf yaallu, mallattoowwan adda addaa waan ittiin agarsiifnu, kanneen akka mallattoo tuqaa (.), mallattoo gaaffii (?), raajeffannoo (!), qoodduu (,)…fi w.k.k.f bakka barbaachisummaa isaaniitti fayyadamuu akka qabnu ibsu.

Kanamalees, qubguddeessi barreeffama keessatti maaliif akka fayyadu Fedhaafi Abarraa (1996) yoo ibsan qubee guddaan eessatti akka tajaajiluu qabu beekuun barbaachisaa ta'ullee, namoonni tokko tokko haaluma isaanitti fakkaateen barreessaa akka jiran ibsu.Haata'uumalee, haalli akkasii kuni ergaa dabarsuuf barbaanne sanarratti dhiibbaa akka qabu hubachuun gaariidha.

Walumaagalatti barreeffamaan ergaa sirrii ta'e tokko dabarsuuf sirna tuqaalee sirriin hima keessa galchuun, akkasumas qubguddeessa iddoo barbaachisutti gargaaramuun barreessuun akka barreeffamni keenya ergaa guutuu akka qabaatuuf gargaara.Karaa biraatiin,barreeffama keessatti jechoota irra deddeebi'uunis rakkoolee nama qunnaman keessaa kan birooti. Ogummaa barreessuu keessatti irra deddeebi'iinsa jechootaa yommuu jennu, yaada barreeffamaan dabarsuu barbaanne san keessatti jechoonni hinbarbaachisne deddeebi'anii argamuu jechuudha. Haalli kunis akkuma dubbii keessatti yoo jechoonni hinbarbaachisne irra deddeebi'aman nama

nuffisiisu, yommuu barreeffama keessattis jechoonni irra deddeebi'aman, qulqullinni isaa dubbistoota biratti gatii dhabuu danda'a. Yaada kana Fedhaafi Abarraa (1996) hima tokko keessatti jechoonni osoo hinbarbaachisne deddeebi'anii galuun guutummaa ergaa barreeffamichaarratti dhiibbaa akka qabu ibsu.

### 2.1.5.4.Seeraan Qubeessuu Dhabuu

Seeran qubeessuu dhabuun rakkoo barreessuurratti nu mudatan keessaa isa guddaadha. Kunis barreessaan tokko ergaa dabarsuu barbaade dabarsuu kan danda'u, sagaleewwan sirrii ta‟anitti fayyadamuun jecha barreessuu barbaade sana yoo barreesseedha. Kun immoo barreessuu keessatti sagaleen tokko bakka isaa malee dabalamuun yookiin hir'achuun hiikaa jecha tokkoorrattis ta'ee kan hima guutuurratti dhiibbaa guddaa qaba. Karaa biraatiin, sagaleessuun afaan tokkoo qubeessuu waliin akka deemu Getachewfi kanneen biroo Alamuu (2007:13), keessatti akkas jechuun ibsu. "Knowing the correct pronunciation of each word is important to remember its spelling." Kanaafuu yaadni kunkan nuhubachiisu, jecha sagaleessuu dandeenyu tokko yommuu qubeessinu baay'ee akka hinrakkanneedha. Garuu, yaada kanarratti Fedhaafi Abarraa (1996) namoonni hedduun qubeessuurratti rakkina akka qaban eeru. Kunis irra caalaatti kan mul'atu afaanota akka Ingiliffaa fa'i keessatti akka ta'eefi Afaan Oromoon garuu rakkoo kanarraa bilisa akka ta'e lafa kaa'u. Sababni isaan kaa'anis, sagaleeleen jechoota Afaan Oromoo keessatti dhagahaman akkuma jiranitti qubeeffamu yaada jedhu of keessaa qaba (Fedhaafi Abarraa, 1996).

Haata'u malee, yaanni kuni hojiirra waan oole miti.Qabatni isaas, namoonni Afaan Oromootiin sadarkaa gara garaatti barreeffama adda addaa barreessan, hedduun isaanii seeraan qubeessuurratti baay'ee rakkatu. Barreeffamni isaaniis, ergaafi hiika guutuu dabarsuurratti hanqina guddaa qabaata. Yaada kana Harmer (1991:256) akkas jedha, "One of the reason that spelling is difficult for students that, the corresponds between the second words and the way it spelt is not always obvious like stress shortening and lengthening."

Yaada kanarraa wanti hubatamu, qubeessuun waan salphaattikan ilaalamu ta'uu akka hinqabneedha. Kanaafuu, rakkoo kana bu'uura irraa maqsuuf immoo seerota Afaan Oromoo qubeessuuf oolanitti gargaaramuun barreessuun shaakaluun furmaata ta'a.Yaada kana hayyoonni (Marsen Sky 2003:105fi Nunan 2000:36) yoo cimsan, akkas jedhu:

*The best way to improve your spelling is to read, read and read. A more systematic method is to focus on words that you repeatedly miss per. Memorize their spelling and practice writing sentences with this words. As a writer, it is not that minor problem for writers it shows as that you are at best sloppy at worst, illiterate*.

Gabaabumatti , yaanni kun kan nuhubachiisu, ogummaan barreessuu akka ogummaawwan kanneen biroo salphaa ta'uu baatus, namni tokko toora rakkoo isaa sana adda baasee beekuu, jechoota barreessuun itti ulfaatan sammuutti qabachuu,irra deddeebi'uun dubbisuufi yeroodhaa yerootti jechootichaan himoota barreessuu shaakaluun tooftaa gaarii dha. Kanaafuu, jecha akkasumas, hima ergaa guutuufi sirrii ta'e dabarsu barreessuuf, jalqaba seeraan qubeessuu shaakaluudha.

### 2.1.5.5. Hanqina Shaakaluu

Hir'inni shaakala barreessuu dogoggora barreessuu (rakkoo) dandeettii barreessuu keessatti nama mudatan keessaa tokkoodha.Barreessuun dhimma al-tokkoo yookaan yeroo muraasa keessatti sirreeffamu osoo hintaane,nuffii malee yeroo yerootti shaakaluu kan barbaadudha.

Akka hayyoonni Hall fi Birkerts (1991) ibsanitti ,barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokkodha.Kanaafuu, namoonni dandeettii barreessuurratti hir'ina qaban(ga'umsa hinqabne) irra deddeebi'anii yoo shaakalan,dandeettii barreessuu ga'umsa qabuufi sirrii ta'e gonfachuudanda'u.Kana jechuun,dandeettiin barreessuu akkuma dandeettiiwwan afaanii kanneen biroo irra deddeebi'iin yoo shaakalame fooyya'uu kan danda'u ta'uusaati.

### 2.1.6.Qabxiiwwan Murteessoo Dandeettii Barreeffamaa Gabbifachuuf Gargaaran

Barrreeffamni meeshaa walqunnamtii isa jabaa ta'ee,ittiin of ibsinu,yaada waljijjiirruufi walitti dhufeenya walii wajjin horachuuf kan nu gargaarudha.Barataa,hojjetaa yookaan barreessaa ta'uuf fedhii guddaa nama qabu taanus,adddunyaa har'aa keessatti milkaa'uuf dandeettii barreeffamaa gaarii qabaachuun barbaachisaadha.Kanumarraa ka'uun,dandeettii barreeffamaa gaarii qabaachuuf qabxiilee murteessoo ta'an akka toorri interneetii, https: www. linkedin. com/pulse/ jedhu ibsutti, kanneen armaan gadiiti:

#### 2.1.6.1. Seera Barreeffama afaannichaa haalaan beekuu

Rakkina Xiinqooqaa kan jedhaman keessaa inni ijoo, seera barreeffama afaan saanaa sirritti beekuu baanaan ; eessatti gala ? eessatti maal gochuu gaafata? Kkf haalaan beekuu dhabuun, barreeffama keenya haalaan qindeesinee barreessuu hindandeenyu.

#### 2.1.6.2. Bal’isanii Akkasumas, Gadi fageenyaafi Xiinxalliin Dubbisuu

Dubbisuun bu’uura barreessuuti.Akaakuuwwa barreeffamoota gosa adda addaa,barreessitoota garaa garaafi haala gara garaa bal’inaan dubbisuun baay’ee barbaachisaadha.Yommuu dubbisnu kanattis,yaada keenya gara ijaarsa afaaniifi yaa’a seenaa barreessitoota milkaa’oo ta’aniin barreeffamaniitti hidhachuu qabna.Kunis,kan hubachuu qabnu akkaataa isaan itti dubbistoota ofitti harkisan, taatota kalaqaniifi seenaa amansiisaan seenessan bifa xiinxalliitiin dubbisuun barbaachisaadha.Dabalataan,akka toorri interneetii kun ibsutti,bal’isanii gadi fageenyaan dubbisuun faayidaalee kanneen akka:beekumsa hiika jechootaa qabnu dabaluu,akaakuu barreeffamoota adda addaa akka beeknuufi dandeettii waa kalaqnee barreessuu keenyaa kakaasuufi dabaluu fa’i.

#### 2.1.6.3.Aadaa Barreessuu Idilee /Dhaabbataa Qabaachuu

Akka toorri interneetii,https://www.com./ pulse/ ibsutti,barreeffama gaarii barreessuuf furtuun inni guddaan idileedhaan barreessuudha.Kana jechuun yeroo dhaabbataa guyyaa yookiin torban keessatti shaakallii barreeffamaaf qabaachuudha.Akkasumas,akka barteetti fudhachuun irra deddeebi’anii barreessuu shaakaluun:dandeettii ofii qaruuf,barreeffama ofii keessatti sagalee mataa keenyaa akka uumnuufi ofitti amanamummaan dandeettii ofii cimsuuf nigargaara.Yaada kanarraa wanti hubatamu,dandeettii barreessuu gaarii horachuuf yeroo hunda nuffii malee dubbisuufi barreessuun barbaachisaafi murteessaa akka ta’edha.

#### 2.1.6.4.Baay’ina Jechoota Waliigalaa Afaan Tokko Keessa Jiranii Babal’isuu

Akka Toorri interneetii, https:// www.linkedin.com./pulseeerutti,namni dandeettii jechoota baay’ee afaanicha keessa jiran baay’ee beekuun cimaa ta’e,barreessaa cimaa ta’uunsaa wal nama

hingaafachiisu.Jechoota haaraa barachuudhaan kuusaa/ baankii jechoota ofii babal’isuuf itti fufinsaan barbaaduudha.Kana malees,jechoota sirriifi kaka’umsa yaadaa bu’aa qabeessa ta’een dabarsan argachuuf galmee jechootaafi madda garaa garaa fayyadamuun barbaachisaadha.Haata’u malee,jechoota walxaxaafi (ulfaatoo) ta’an xiqqoo fayyadamuufi walxaxa’insa caalaa ifa ta’uu jechichaaf dursa kennuun gaariidha.Yaada kanarraa wanti hubatamu,dandeettii barreessuu gaarii ta’e gabbifachuuf baay’ina jechoota walii galaa beekuu,galmee jechootaa fayyadamuufi yommuu hiika jechootaa baruu barbaadnu walxaxinsa caalaa ergaafi yaada ifaa ta’e fudhachuun itti fayyadamuun barbaachisaa ta’uusaati.

### 2.1.6.5.Barreeffamichi Ifaafi Salphaa Ta’uurratti Xiyyeeffachuu

Barreeffamni gaariin ifa,gabaabaa kan ijoo dubbiirratti xiyyeefateefi dubbisaan salphaatti kan hubatudha.As irratti, caasaa himaa wa-xaxaafi jechoota garmalee irra deddeebi’uun fayyadamuu irraa of qusachuun barbaachisaadha.Yaada walxaxaa ta’e dabarsuuf qooqa ifa ta’etti fayyadamuun barreeffamicha salphaatti akka hubatamu taasisuudha.Yaad-rimeewwan gara kutaalee salphaatti hubatamuu danda’anitti caccabsuun akkasumas,fakkeenyota kennuudhaan sadarkaa hubannoo keenyaa guddisuu nidandeenya.Keessumattuu,barreeffamichi iftoomina qabaannaan yeroo hunda galma barbaadame sanaan nu ga’uu danda’a (Toora interneetii,https:www.linkedin.com/pulse).

## 2.1.7.Tooftaa/AkkaataaOgummaan Barreessuu Ittiin Barsiifamu (Shaakalsiifamu)

### 2.1.7.1. Barsiisaan Barreeffama Barattootaa Soroorsuu

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dogoggorri barreessuurratti barattoota mudatu barsiisaadhaan soroorfamuu qaba. Kunis, barruun barattoonni barreessan ergaa dabarsuudhaa barbaade sana kan hindabarsine yoo ta’e, barreeffamichi soroorfamuu qaba. Yaada kana Raimes (1983:146) yommuu ibsitu, “Teachers should focus on the content first and on linguistic features after ideas have been fully developed,” jetti. Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, barsiisaan yommuu barruu barattootaa soroorsutti dursa qabiyyee barreeffamichaarratti, itti fufuun erga yaanni gabbateen booda xinqooqarratti xiyyeeffachuun akka barbaachisuudha.

### 2.1.7.2. Barattoonni Barreeffama Isaanii Akka Waliif Soroorsan Taasisuu

Barreeffama barattoonni barreessan keessatti dogoggorri uummamu, akka barattoonni waliif soroorsan gochuun mala barreeffama barattootaa ittiin soroorsan keessaa isa tokko.Kunis dogoggora barattoonni uuman hunda barsiisaan soroorsuun waan ulfaatuufi dogoggora jiru bira darbuunis gaarii waan hintaaneefi.

Yaada kana Mangelsdrof (1992:275) yoo ibsu, "Peer feedback gives students a sentence of audience, increases their motivation and their confidence in their writing and helps them to learn evaluate their own writing better," jedha.

Yaada kanarraa wanti nuti hubannu duubdeebiin barattoonni waliif kennan keessatti amala walhubachuu waan horataniif, miirri ofitti gammaduufi ofitti amanamummaa isaanii kan ol guddisuudha. Kanamalees, akka barattoonni barreeffama isaanii deebi'anii madaalaniif karaa bana. Kanaafuu, barattoonni dogoggora waliif soroorsuun bu'aa guddaa qabaachuu isaa nama hubachiisa.

### 2.1.7.3. Barattoota Waliin Mariisisuu

Barsiisaan daree bal'aa keessatti dogoggora barattootaa sirreessuuf, barruulee yookiin abbaltii isaanii walitti guuree soroorsuun baay'ee ulfaataadha. Kanaaf immoo fala kan ta'u, barattoonni akka dogoggora jirurratti waliin mari'ataniif haala mijeessuudha. Kaayyoon isaas bakka rakkoon jira jedhamee yaadame adda baasuun akka irratti mari'ataniifi. Yaada kana Cohefi Cavalcanti (1990:155) akkas jedhu,

"Conferencing not only improves the writing ability but also it makes the students how to talk to people," jedhu. Yaanni kunis kan nu hubachiisu, yommuu barattoonni marii gaggeessan, barreeffama isaanii waliif soroorsuu dandeessisuu qofa osoo hintaane, akkaatuma hawaasa keessatti haasawa taasisanillee akka isaan barsiisudha. Kanaafuu akka barattoonni waliin marii adeemsisaniifi barreeffama isaanii walii soroorsan gochuun akka barattoonni barreeffama gaariifi gahumsa qabu qopheessaniif isaan gargaara.

Karaa biraatiin,qorannoon dandeettii barreessuu ilaalchisee gaggeeffamuu kan eegale baroota 1950'mootaa kaasee hanga 1990' mootaa akka ta'e, beektonni kanneen akka Silva

(1990);Raimes (1991)fi Kroll (1990) ni'ibsu. Haata'umalee, adeemsa afaan baruufi barsiisuu keessatti sababoota adda addaarraa kan ka'e, ogummaan barreessuu mala kanaan yookan dhiyaannaa kanaan barsiifamuu qaba jedhanii murteessuun rakkisaadha. Hayyoonni dirree barreessuurratti bobba'anis, mala kanatu sirriidha; kun immoo sirrii miti jechuun sirrii akka hintaane ragaa bahu.

Dabalataan, Raimes (1983), "The best practice depends on the type of student and teacher the text type being studied, the school system and any other factors," yaada jedhu lafa keessi. Yaada kanarraa wanti hubatamu malli ogummicha ittiin barsiisan haalota barsiisaafi barattootaan wal qabatanirratti hundaa'uu isaati. Haata'uutii, kaayyoofi gochaalee irratti hundaa'uun haalli ogummaan dandeettii barreessuu kun ittiin barsiifamu dhiyeessii bu'aafi dhiyeessii adeemsaa jedhamuun bakka lamatti qoodamuu danda'uu Silva (1990)fi Leki (1994) ni'ibsu. Gosoonni kunneenis maal maalirratti akka xiyyeeffatan armaan gaditti tokko tokkoon ilaaluun nidanda'ama:

## 2.2. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Yeroo adda addaatti qorannoowwan muraasni mataduree kanaan walfakkaatanirratti gaggeeffamaniiru. Ta'us, kaayyoofi argannoowwan isaanii qorannoo isa kanarraa adda isaan taasisa. Isaanis:

Qorannoo Toleeraa Tasammaa bara 2008tti mata-duree,"Ogummaa Barreessuu Gabbifachuu Keessatti Rakkoolee Barattoota Kutaa9$^{ffaa}$ Mudatan Adda Baasuu: Haala Mana Barumsa Sadarkaa 2$^{ffaa}$Garba Gurraachaa" jedhu irratti gaggeesseera.

Kaayyoon qorannoo Toleeraas, rakkoolee ogummaa barreessuu gabbifachuu keessatti barattoota kutaa 9$^{ffaa}$ mudatan adda baasuudha. Kunis rakkoowwan ogummaa barreessuu gabbifachuu keessatti barattoota mudatan adda baasuu yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isa kanaa garuu, Wal-Simannaafi Garaa garummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota Mana Barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Kutaa 9$^{ffaa}$ Afaan Oromoo Akka Afaan 1$^{ffaa}$ fi Afaan 2$^{ffaa}$tti Baratan Xiinxaluu kan jedhudha.Kunis 'wal-simannaafi Garaa garummaa dandeettii barreessuu isaan gidduu jiru xiinxaluu qofa osoo hintaane,maddi wal-fakkeenyaafi garaa garummaasaanii maali kan jedhus kan keessatti xiinxalamudha.

Akkasumas,qorannoo Siisay Siyyum mata-duree,"Xiinxala Wantoota Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Kutaa11[ffaa]Irratti Sababa Ta'an: Haala Mana Barumsa Qophaa'ina Shaashamanneefi Mana Barumsa Qophaa'ina Luusii kutaa 11[ffaa"] irratti bara 2008 gaggeeffamedha.Kaayyoon qorannoo Siisay,Wantoota Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 11[ffaa] Irratti Sababa Ta'an Xiinxaluudha.As irratti,Kaayyoon qorannoo kanaa garuu,Wal-fakkeenyaafi garaagarummaa barreeffama barattoota Afaan Oromoo akka afaan 1[ffaa] fi 2[ffaa] tti baratan gidduu jiru xiinxaluudha.

Kanaafuu kaayyoowwan qorannoowwan kunneen itti gaggeeffaman, adda adda waan ta'eef, argannoon qorannoowwan kanneeniis tokko miti. Akkuma waliigalaatti qorannoowwan armaan olitti gaggeeffaman kunniin kaayyoo itti gaggeefamaniif qorannoo kiyyarraa adda waan ta'eef, argannoon isaaniisadda addata'eera jechuudha.

Qorannoo biraan gaggeeffame Zannabeech Nagaraan yoo ta'u, mata-duree,"Xiinxala HimootaAfaan Oromootiin QindeessaniiBarreessuufi Fayyadama Sirna Tuqaalee Barattoota Kutaa 9[ffaa :]Xiyyeeffannaa Mana Barumsaa Kuyyaraa Sad. 2[ffaa] "bara 2015 tti dha.Kaayyoon qorannoo Zannabeechis,Himoota Afaan Oromootiin Qindeessanii Barreessuufi Fayyadama Sirna Tuqaalee Barattoota Kutaa 9[ffaa]Mana Barumsa Kuyyaraa Xiinxaluudha.Haata'u malee,kaayyoon qorannoo kanaa, Walsimannaafi Garaagarummaa Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaafi akka Afaan Lammataatti Baratan Xiinxaluudha.

Kanaafuu kaayyoowwanqorannoowwan kunneen itti gaggeeffaman, adda adda waan ta'eef, argannoon qorannoowwan kanneeniis tokko miti. Akkuma waliigalaatti qorannoowwan armaan olitti gaggeeffaman kunniin kaayyoo itti gaggeefamaniif qorannoo kiyyarraa adda waan ta'eef, argannoon isaaniisadda adda ta'eera jechuudha.

Walumaagalatti, boqonnaa kana keessatti mata-dureewwaan garaagaraa kanneen akka Maalummaa barreessuu, Amaloota dandeettii barreessuu, Amaloota barreeffama gaarii,Faayidaa barreeffamaa, Rakkoolee Ogummaa Barreessuu Keessatti Nama Mudatan, Akkaataa / Haala Barreessuun Itti Madaalamu, Tooftaa / Akkaataa Ogummaan Barreessuu Ittiin Barsiifamuu (Shaakalsiifamuu)fi qorannoowwan walfakkiitu keessatti dhiyaachuun ibsameera.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti, maloota qorannoon kun ittiin adeemsifame, meeshaalee ragaan qorannoo kanaa ittiin funanaamaniifi hiikamantu ibsamera. Akkasumas qoranoon kun haala attamiin akka adeemsifame, yommuu qorannoon kun adeemsifame meeshaalee akkamiitti gargaaramuun ragaaleen akka funaanaman kan ofkeessatti hammatuufi ragaaleen funaanaman kunneen ammoo haala attamiin akka hiikaman askeessatti ibsamaniiru.

## 3.1. Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Walsimannaafi Garaagarummaa Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Ifa Boruu Eekkaa Daallee kutaa 9[ffaa] Afaan Oromoo akka afaan Tokkofaatti barataniifi akka afaan lammaffaatti baratan xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf, qorattuun kun gosa qorannoo makaa fayyadamtee jirti.Sababnisaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon funaanamu mala lakkoofsaafi jechaan hiika waan argatuufidha.Addunyaan (2011) gosa qorannoo makaa yoo ibsu, malli qorannoo makaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'e, maaltu akka jiru kan ittiin addaan baafannuudha.Kanaaaf ammoo,jijjiiramtoonni akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti ibsuudha.Malli qorannoo ibsaa rakkoo qorannoon irratti geggeeffamaa jiru sun haala irratti argamu ibsuurra darbee(casestudy) hanga walitti dhufeenya jijjiiramtootaa addaan baasuutti(correlational research) deema.

Malli qorannoo makaa odeeffannoo maddeen garaa garaarraa karaa adda addaa walitti qabame jechaafi lakkoofsaan ibsuufi qaaccessuuf kan gargaarudha. Addunyaan (2011) yaaduma kana yoo cimsu, ciminni gosa qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan akkam? Maaliif?fi gosa qorannoo ammamtaan gaaffiiwwan ammamii , jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala kan mijeessu akka ta'edha.

Kanaafuu, qorannoon kun mala qorannoo makaatti (hammamtaafi akkamtaa) gargaaramuun gaggeeffamee jira. Sababni malli kun filatames, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna kan qabuufi hubannoo bal'aa kennuuf kan haala mijeessu waanta'eefidha.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti maddi odeeffannoo lamaan dhimma itti bahameera.Isaanis, madda odeeffannoo tokkoffaa fi madda odeeffannoo lammaffaati. Maddi odeeffannoo inni jalqabaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaannachuun kan argamu yoo ta'u, kunis, barattootaafi barsiisota mana barumsaa qorannoon kun kallattiidhaan irratti adeemsifame ta'u. Haaluma kanaan, barattootaafi barsiisota mana barumsichaa irraa bifoota qormaataajechuun, qormaata jechootaa, himootaa fi keeyyataa fi af-gaaffii barsiistotaan odeeffannoo argamudha.Kanaaf, maddi odeeffannoo qorannoo kana keessatti odeeffannoon qorannoo kanaa kallattiidhaan irraa argama jedhamee amaname madda ragaa tokkoffaa ta'a jechuudha. Addunyaan (2011) yaaduma kana deeggaruun akka barreessetti, maddi ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan geggeessuudha. Odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u fuulaa fuulatti ragaa barbaade argata.Kanarraa ka'uun qorannoo kana keessatti maddi ragaa tokkoffaa hojiirra oolee jira.Sababni maddi kun filatameef, qorannoo tokko adeemsisuu keessatti ragaan gahaa kan argamu madda ragaa tokkoffaa irraa waanta'eefidha.

Kana malees, maddi ragaa lammaffaan qorannoo kana keessatti hojiirra oolee jira. Akka madda ragaa lammaffaatti qorattuun kun kan itti gargaaramte ragaalee adda addaa sakatta'uun karaa alkallattiin odeeffannoo walitti qabamudha. Sababni malli kun hojiirra ooles, odeeffannoon madda ragaa tokkoffaa irraa argame hammam dhugaa akka ta'e adda baafachuuf murteessaa waanta'eefidha.

## 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoo gaggeessuu keessatti, iddattoo filachuun waan hafu miti. Sababnisaas, baay'ina kanneen dhimmichi ilaallaturraa kan ka'e,hundumarraa odeeffannoo funaannachuun rakkisaa waan ta'eefi  (Addunyaa,2011).Kanumarratti hundaa'uun, bakki qorannoon kun itti gaggeeffamu manni barumsaa, kutaan barnootaa irratti gaggeeffamuufi barattoonniifi barsiisonnis iddatteeffamaniiru.Manni Barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sadarkaa Lammaffaa bakki itti argamu, Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhiittidha.Manni barumsaa kunis manneen barnootaa mootummaa afur kutaa magaalichaatti argaman keessaa

tokkodha.Haata'u malee,manni barumsaa kun kan hundeeffame bara 2013 A.L.I. yoo ta'u,baruma kana eebbifamuun,bara 2014 A.L.I.hojiin baruufi barsiisuu eegaleera.Manni barumsaa kunis yeroo jalqabaaf barsiisota dhiiraa saddeetiifi dubara afur walumaagalatti,barsiisota 12,hojjettota bulchiinsaa dhiira afuriifi dubara lama,barattoota dhiira 125, dubara 147 walumatti barattoota 272 ,hogganaa mana barumsaa tokko walliin daree barnootaa shan keessatti hojiin baruufi barsiisuu jalqabame.Yeroo ammaa kana garuu jechuun,bara 2017,A.L.I.manni barumsaa kun bariisota dhiiraa 18,dubara 9 dimshaashumatti,barsiisota 27,barattoota dhiiraa 203,dubara 247,walumaagala barattoota 450 daree barnootaa 10 keessatti hogganaa mana barumsaa tokkoofi hojjettota bulchiinsaa 8 waliin hojii baruufi barsiisuu gaggeessaa jira. Kanumarraa hundaa'uun,qorannoo kana gaggeessuuf malli iddatteessuu dhimma itti ba'ame carraa tasaafi miti carraadha.Kanneen keessaa manni barumsaa, kutaafi barsiisonni mit- carraatiin ta'ee, mala mit-carraa keessaa immoo mala akkaayyootiinkan iddatteeffamanidha.Sababni mallikun filatameefis,bakki yookaan manni barnootaa,barsiisota Afaan Oromoo jiran hunda,dareen barnootaa qorannoon kun irratti gaggeeffamu itti yaadamee(akkayyoon) adda bahee waan beekamuufi. Barattoonni garuu, carraa tasaatti gargaaramuun iddatteeffamaniiru.Sababni isaas, odeeffannoo amansiisaafi quubsaa tahe argachuuf tooftaan kun qorannoo kanaaf filatamaadha jedhamee waan itti amanameefidha.

Haaluma kanaan,mana barumsaa filatame kana keessaa baay'inni barattoota kutaa 9$^{ffaa}$ dhiira 75fi dhalaa 90 walumaagalatti barattoota 165 ta'antu daree barnootaa 4 tti barachaa jiru.Kanaafuu,barattoota kana keessaa mala iddattoo argamteetti ()gargaaramuun barattoota Afaan Oromoo akka Afaan Tokkoffaatti baratan keessaa 20,kanneen Afaan Oromoo akka Lammaffaatti baratan 20 walumaa galatti barattoonni 40 filatamanii jiru.

Baay'inni barsiisota Mana Barumsaa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sadarkaa Lammaffaatti gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan qorattuutiin alatti sadiidha.Kanaafuu, mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala akkajiree gargaaramuun akkuma jirutti akka iddattootti fudhatamee jira.Sababni isaas, baay'inni barsiisotaa muraasa waanta'eef kanuma jiru hunda akka jirutti fudhachuuf mala filatamaa waanta'eefidha.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Maalummaafi madda rakkoo tokkoo beekanii fala barbaaduuf madda ragaa gargaaramuun barbaachisaadha.Haaluma kanaan,madda ragaaleerraa odeeffannoo guuruuf ammoo,meeshaaleen ittiin ragaa walitti qabannutti gargaaramuun dirqamadha. Kanaaf, galma ga'insaafi qulqullina qorannoo kanaaf meeshaaleen funaansa ragaa qorattuun dhimma itti baate kanneen armaan gadiiti.

### 3.4.1. Qormaata

Qormaanni barreessuu barattootaa kun meeshaa ragaan qorannoo kanaa ittiin funaaname keessaa isa bu'uura ta'edha.Qormaatni qophaa'e kunis,akaakuu qormaataa keessaa'seecca'aa'/diagnostic tests/ jedhamurratti hundaa'a.Kunis,ciminaafi dadhabina barattootaa akkasumas,dandeettii isaanii qabatamaan adda baafachuuf kan qophaa'udha(Hughes,2003).

Kanaaf,kaayyoon meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuu jecha,himaafi keeyyata barattoonni barreessan irratti hundaa'uun garaagarummaafi tokkummaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan duraatti barataniifi akka afaan lammaffaatti baratanii qaban wal bira qabuun xiinxaluun dhugummaa isaa madaaluufidha.

Akkaataan qormaatichi itti kennames,barattoota 40 dareewwan 4 keessaa filatamaniif kan dhiyaatedha.Daree tokko keessaa barattoota dhiira 3 akkasumas,dhalaa 3 haaluma kanaan,daree hafan sadan keessaa barattoota dhiiraa 3,3 fi dhalaa 3,3, walitti barattoota 24 fudhachuun waliigalatti barattoota 25 gargaaramuun filachuun adeemsifamee jira.Barattoota qormaata kana qoramuuf akka iddattootti fudhataman keessaa sirrii ta'es ta'uu baates,waraqaa deebiirratti barreessuun hundi isaanii xumuraniiru.Sababni barattoonni kunneen qofti fudhatamaniifis,iddattoota hundaaf qormaata kennuun sororsanii qaaccessuun ulfaataa waan ta'eefidha.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Malli funaansa ragaalee kun namoota dhimmi qorannoo kun ilaallatu wajjin gaaffiifi deebii taasisuudha. Kanuma ilaalchisuun, Abiy,et, al (2009) akka ibsutti,af-gaaffiin akaakuuwwan odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu ta'ee kan qorattoonniifi odeeffannoo himtoonni fuulaaf

fuulatti wal arguun odeeffannoo barbaachisu qorataaf  kennanidha. Akkasumas malli kun hawaasa hin baratiin yookiin barreeffama fayyadamuu hin dandeenyee fi namoota baratan hirmaachisuuf  gargaara. Qorattuun  kunis kanuma ka’umsa taasifachuun barsiistota Afaan Oromoo barsiisan sadii (3)  yookiin hunda  isaanii fuulaaf fuulatti arguun waa’ee wal-simannaafi garaagarummaa dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo jalqabbii adda addaa qaban jedhurratti odeeffannoo qorattuuf kan kennanidha.Barbaachisummaan isaas,odeeffannoo qormaata barattootaaf kenname irratti dabalataan,odeeffannoo harca’ee hafeefi hintuqamiin yoo jiraate,barsiisota madda ragaa qorannoo kanaa ta’uu danda’an irraa walitti qabuuf kan yaadamedha.

## 3.5. Tooftaalee xiinxalaafi ibsa ragaalee

Malli ragaa qaaccessuufi hiikuu odeeffannoo mata duree qorannoo kanaarratti argame hiikuuf malli dhimma itti bahame mala lakkoofsaafi mala mit-kalloofsaati. Malli lakkoofsaa odeeffannoo argame sana lakkoofsaan eeruu yommuu ta’u; malli mit-lakkoofsaa immoo odeeffannoo argame sana jechootaan ibsuudha.

Kanamalees,mala ragaaleen ittiin qaacceffaman immoo,odeeffannoo qormaata  barattootaaf kennamee jechuun,qormaata jechootaa,himootaafi keeyyata barreessuuakkasumas,af-gaaffii barsiisotaa hunda walitti qabuun,garaagarummaafi tokkummaa yaadaa jiru wal bira qabuudhaan xiinxalamuun hiikamee jira. Dhumarrattis, odeeffannoo walbira qabamee qaacceffamuun hiikame walitti makuun ibsi itti kennamee garaagarummaafi tokkummaa argame bu’uura godhachuun argannoon qorannichaa kaa’ameera.

Kanaafuu, malli qaaccessaafi hiika ragaalee qorannoo kanaaf hojiirra oole mala lakkoofsaafi mit-lakkoofsaati.

## Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxala Ragaalee.

Akkuma beekamu,odeeffannoo maddeen adda addaarraa funaanamaniif ibsa itti kennuun barbaachisaafi murteessaadha.Sababnisaas, ibsa kennamerratti hundaa'uun rakkoon qorannichaa adda bahee furmaanni itti kennama waan ta'eefi.Boqonnaa Afraffaa kana keessattis firiin xumuraa odeeffannoo funaanamee kan ibsamu ta'a. Jalqaba odeeffannoon odeef-kennitoota hirmaattoota qorannichaa as keessatti ni qaacceffama. Ittiaansuun, qaacceessi ibsaa (Descriptive Analysis) firii qormaata garee lachuu mossaajii SPSS vershiinii 23 fayyadamuun kan dhiyaatu ta'a. Akkasumaas garagarummaa fi wal-fakkeenya garee lachuu gidduu jiru adda baasuuf gareewwan lachuu wal-dorgomsiisuun qaacceessi qormaata barattootaa Tii-Teestii(T-Test) qaacceffameera.Gara xumuraatti ammoo qaacceessi odeeffannoo af-gaaffii barsiistotaa kan dhiyaatu ta'a.

### 4.1.Ibsa Waa'ee Odeefkennitootaa

### Gabaatee 1. Ibsa Waa'ee Barattootaa

| Saalaan | Baay'ina | Parsaantaadhaan |
|---|---|---|
| Dhiira | 15 | 52 |
| Dubara | 13 | 48 |
| Ida'ama | 28 | 100 |
| **Gosa Hojiin** | **Baay'ina** | |
| Barattoota | Afaan 1ffaa 28<br>Afaan 2ffaa 28 | |

| | |
|---|---|
| | Ida’ama 56 |
| Barsiisota | 3 |

### 4.1.1 Ibsa Barsiisotaa

Qorattuun kun milkaa’inaaf dhugummaa qorannoo kana mirkaneessuuf maddi ragaa itti fayyadamte barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 9-12 tti barsiisaa jiranirraa odeeffannoo fudhachuudhaanidha. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan 3(100%) dhiira 2(60%) fi dubara 1(40%) yoo ta’an qorattuun hunda isaaniirraayyuu odeeffannoo irraa funaanteetti. Sadarkaan barnoota isaanii Digirii duraa dhiira 1 , Digirii $2^{ffaa}$(MA) dhiira 1 fi dubara1, muuxannoo hojii barsiisummaa waggaa 5 gadi 1 yoo taatu, kanneen hafan hundinuu waggaa 10 olidha.Kunis, akka gabatee armaan gadiitti dhiyaateera

**Gabatee 2. Ibsa Waa’ee Barsiisotaa**

| Saala | Lak | Sadarkaa barnootaa | | | Ida | Gosa ogummaa | | | Ida | Muuxannoo hojii barsiisummaa | | | Ida |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dip | BA | MA | | A/Oromoo | A/ ingiliffaa | Kanbiroo | | 5fi isaa gadi | 6-10 | 10 ol | |
| Dubara | 1 | | - | 1 | 1 | 1 | | | 1 | 1 | | - | - |
| Dhiira | 2 | | 1 | 1 | 2 | 2 | | | 2 | - | | 2 | 2 |

Akka gabatee odeef-kennitoota gabatee 4.1 fi gabatee 2 armaan olii irraa hubaachuun danda'amuttii, hirmaattoota waliigalaa qorannichaa keessaa parsaantaan 52 kan ta'an dhiirota yoo ta'an, parsaantaan 48 kan ta'an ammoo dubaradha . Gama hojiin yoo ilaalle, hirmaatoota qorannichaa keessaa parsaantaan 86 kan ta'an barattoota yoo ta'an parsaantan 14 ammoo barsiisota dha.

## 4.2. Qaaccessa firii qormaataa dimshaashaa barattoota kutaa 9ffaa kanneen A/O akka afaan 1ffaatt baratanii fi akka afaan 2ffaatti baratanii

Firii barattootni galmeessan, xinxaluun dura akka madaaluuf tolutti qabxii baratootni galmeessan akka aramaan gadiitti qoodamee jira.

### 4.2.1 Qacceessa firii qormaata qajeelfama tokkoffaa


Qajeelfama tokkooffa jalattii qorattuun, baratoota garee lachuu dandeettii bareessu isaanii adda baasuuf jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, laafa, jaabaatta, sagalee irra buuta fi sagalee dacha qaban ja'a ja'a dubbiisuuffin akka barreesan taasiftee jirti.Haaluma kanan qabxii qormaata baraatotni galmeessan haala armaan gadiin qoodame gatiin kennameeffi jira.

| Qoodiinsa | Baay'ee Gaarii | Gaarii | Giddugaleessa | Gadi aanaa | Baay'ee gadi aanaa |
|---|---|---|---|---|---|
| BarattootaA/O akkaafaan1ffaa fi afaan2ffaa baratani (Hanga qabxii 36 keessaa) | 32-36 | 26-31 | 18-25 | 10-18 | >10 |
| Gatii argatan 5 keessaa | 5 | 4 | 3 | 2 | 1 |

Gabateen 4.2.1. kan mulisuu, qabxiin gidduu galeessaa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani 2.54 fi kan barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratani 2.18 ta'uu isaati. Kun kan agarsiisu, baratootni afaan oromoo akka afaan tokkooffatti baratani jechoota qubeessuu irrattii qabxiin giddugaleessa (average) isaanii galmeessan giddugaleessatti kan madalamu yoo ta'uu, kan baratoota afaan Oromoo akka afaan lamaffattii baratani irraa foyyee kan qabu dha. Gama biroon ammo qabxii giddugaleessa (average) baratootni afaan


Oromoo akka afaan lammaffaatti baratani, qabxii giddugaleessa (2.5) gadii waan ta'eef, sadarkaan baratootni kun irra jiran gadii aanaa ta'uu mul'isa. Akkasumas, qabxii giddugaleessa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barataniin wal-bira yoo qabamu,kan warra afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii gadi bu'aa ta'uu agarsiisa.

### Chaartii baarii 4.3.Xiinxala firii qormaata jechoota qubeessuu kan barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratani.




Chaartii baariin 4.3 kan mul'isuu, barattoota qormaata jechoota qubeesssu qoraman keessaa,10.3% kan ta'an qabxii baay'ee gadi aanaa kan galmeessan yoo ta'uu, kannen, 20.7% ta'an ammo qabxii gadi aanaa galmeessani jiru. Gama biroon ammo 24.1% kan ta'an qabxii giddugaleessa galmeeessanii jiru. Haaluma wal-fakkaatun 24.1% kan ta'an qabxii gaarii kan galmeessan yoo ta'uu, kannen hafan17.2% kan ta'an qabxii baay'ee gaarii galmeessani jiru.Waluma gala, baratoota afaan Oromoo akka afaan tokkooffatti baratani kannen qormaata kana fudhatan keessaa 41.3% kan ta'an qabxii gaarii fi baay'ee gaarii galmeessani jiru.Kun kan nama hubachiisu,dandeettiin barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii irra caalaan isaanii fooyya'aa ta'uusaati.

**Chaartii baarii 4.4.Xinxaala firii qormaata jechoota qubeessuu kan barattoota A/O akka afaan lamaffaatti baratani**




Chaartiin baarii qormaata jechoota qubeessuu kan barattoota afaan oromoo akka afaan lamaffaatti baratanii kan mulisuu, barattoota qormaata kana fudhatani keessaa 28.6% kannen ta'an qabxii baay'ee gadi aanaa kan argatani yoo ta'uu, 39.3% kan ta'an ammo qabxii gadi aanaa argatanii jiru. Akkasumaas 21.4% kan ta'aan qabxii giddugaleessa galmeessani jiru. Gama biroon ammo 7.1% kan ta'an qabxii gaarii kan galmeessan yoo ta'uu, kannen hafan 3.6% kan ta'an qabxii baay'ee gaarii galmeessanii jiru. Xinxala kana irraa kan hubatamu, barattootni afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratani kannen qormaata kana fudhatan keessaa 9.7% kan ta'an qofatu qabxii gaarii fi isaa ol galmeesse.Kun immoo kan agarsiisu, dandeettiin barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii kan barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii waliin walbira yooqabamu,gadi aanaa ta'uu nu hubachiisa.

### 4.2.2 Qaacceessa Tii -Teestii (T-test) qabxii qormaata barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratani jechoota qubeessuu irratti

**Gabatee 4.3.Istaatiksii Saamuda Cimdii (Paired Sample Statistics)**

**Paired Samples Statistics**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| Garee lachuu(paired)1 | (Barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani) | 2.54 | 28 | 1.290 | .244 |
| | (Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratani) | 2.18 | 28 | 1.056 | .200 |

Gabateen 4.3 moossajjii SPPS veershinii 23 irraa kanfudhatame you ta'uu, gabatichi kan mulisuu, qabxiin gidduu galeessaa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani 2.54 fi kan barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffatti baratani 2.18 ta'uu isaati. Kun kan agarsiisu, baratootni afaan oromoo akka afaan tokkooffatti baratani jechoota qubeessuu irrattii qabxiin giddugaleessa (average) isaanii galmeessan giddugaleessatti kan madalamu yoo ta'uu, kan baratoota afaan Oromoo akka afaan lamaffattii baratani irraa foyyee kan qabu dha. Gama biroon ammo qabxii giddugaleessa (average) baratootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratani, qabxii giddugaleessa (2.5) gadii waan ta'eef, sadarkaan baratootni kun irra jiran gadii aanaa ta'uu mul'isa. Akkasumas, qabxii giddugaleessa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barataniin wal-bira yoo qabamu, gadii bu'aa ta'uu mul'isa.

## Gabatee 4.4.Xiinxala Qormaataa Saamuda Cimdii (Paired Samples Test)

**Qormaata saamuda cimdii(paired sample test)**

| | | Garaagarummaa Lamaan Isaanii | | | | | T | Df | Sig. (2-tailed) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | 95% Confidence Interval of the Difference: Lower | Upper | | | |
| Cimdii (paired)1 | -Akka afaan tokkoffaatti – Akka afaan 2ffaatti | .357 | .678 | .128 | .094 | .620 | 2.78 | 27 | 0.010 |

Gabateen 4.4 garagarummaa cimdii barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkooffattii baratani fi kanneen akka afaan lammaaffatti baratani gidduu jiru akkataa armaan gadiitti kaa'amee jira.Garagarummaan qabxii giddugaleessa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkooffattii baratanii fi kanneen akka afaan lammaaffatti baratani gidduu jiru 0.357 dha. Qabxiin garagarummaa galmaa'e kun garagarummaan jiru guddaa ta'uu agarsiisa. Akkasumaas Sig (2-tailed) ykn gatiin (P)= 0.010 ta'uu agarsiisa. Sababa gatiin (p) =0.010 Istandaardii Alphaa leveellii 0.5 gadi (P< 0.5) waan ta'eef garagarummaan barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffaatti baratani jechoota qubeessuu irratti qaban garaagarummaa daran murteessaa yookiin guddaa ta'uu agarsiisa.Kana jechuun,dandeettiin barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii gadi aanaa ta'uuti.


### 4.2.2. Qacceessa Firii Qormaata Qajeelfama Lammaffaa

Qormaatni qajeelfama lammaffaa kun kan xiyyeeffate dandeettii hima barreessuu barattootni garee lachuu, jechuun kanneen afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffatti baratanii xiinxaluun wal-bira qabuun madaluu irratti dha. Haaluma kanaan, himootni

shan barattoota garee lachuuf dubbifamuun akka isaan barreessan ta’ee jira. Qabxii isaan argatani akka xiinxalaaf mijatutti, akkaataa armaan gadiin sadarkeeffamee jira.


5= Baayee gaarii 4= Gaarii 3=Giddugaleessa 2=Gadi bu’aa 1<Baay’ee gadi bu’aa

**Chaartii Paayii.4.1.Xiinxala Firii Qormaata Hima barreessuu barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii**




Chaartiin paayii armaan olii kun kan agarsiisu, barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani kanneen qormaata qoraman keessaa 10.71% kan ta’an qabxii baay’ee gadi bu’aa kan galmeessan yoo ta’uu, 42.86% kanneen ta’an ammoo qabxii gadi bu’aa galmeessanii jiru. Haaluma wal-fakkaatuun, 28.57% kan ta’an qabxii giddugaleessa galmeessanii jiru. Gama biroon, ammoo 10.71% kan ta’an qabxii gaarii yoo galmeessan, kan hafan 7.14% kan ta’an qabxii baay’ee gaarii galmeessani jiru. Waliigala barattootni garee qabxii gaarii fi baay’ee gaarii galmeessan 17.85% kan ta’an tahuu xinxalliin kun ni mu’isa.Kanarraa waanti hubatamu,dandeettiin hima barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii giddu galeessa akka ta’eefi irratti hojjechuu kan gaafatu dha.

**Chaartii paayii.4.2.Xiinxala Firii Qormaata hima barreessuukan barattoota A/O akka afaan lammaffaatti baratanii**




Chaartii paayii 4.2.irraa kan hubatamu, barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratani kanneen qormaata qoraman keessaa 28.57% kan ta'an qabxii baay'ee gadi bu'aa kan galmeessan yoo ta'uu, 42.86% kan ta'an ammo qabxii gadii bu'aa argatani jiru. Akkasumaas, 14.29% kan ta'an ammoo, qabxii giddugaleessa galmeessani jiru. Karaa biraatiin ammo, 10.71% kan ta'an qabxii gaarii kan galmeessan yoo ta'uu, kan hafan 3.57% kan ta'an qabxii baay'ee gaarii galmeessani jiru. Haaluma kanaan barattootni garee kanaa(kanneen afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan) qabxii gaarii fi baay'ee gaarii galmeessan 14.28% kan ta'ani dha. Chaartii kanarraa kan hubatamu,dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii waliin wal-bira qabamee yoo madalamu kan garee kanaa gadi aanaa ta'uusaati.

### 4.2.3 Qaceessa Tii -Teestii (T-test) qabxii qormaata barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffaatti baratan hima barreessuu irratti

**Gabatee 4.5.Istaatiksii Saamuda Cimdii (Paired Sample Statistics)**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| Cimdii (Barattoota garee lachuu) 1 | (Barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan) | 2.61 | 28 | 1.066 | .201 |
| | (Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan) | 2.00 | 26 | .903 | .171 |

Gabateen armaan olii kan agarsiisu qabxiin giddugaleessa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani 2.61ta'uu dha. Qabxiin galmaa'ekun qabxii giddugaleessa (average) 2.5 tti waan dhiyaatuuf dandeettiin barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan hima barreessuu irratti qabani sadarkaa giddugaleessaatti madaaluun ni danda'ama. Gama biroon ammo qabxii giddugaleesssa barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan hima barreessuu irratti galmeessani 2.00 ta'uu gabateen 4.5 ni mul'isa. Qabxiin kun fageenya inni qabxii giddugaleessa irraa qabu irratti hundaa'uun gadi aanaa ta'uu madaaluun ni danda'ama. Akkasummas qabxiin giddugaleessaa barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratani, kanneen afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani waliin wal-bira qabnee yoo ilaallu, kan warra afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii gadi aanaa akka ta'e agarsiisa. Kanarraa waanti hubatamu, hima barreessuu irratti dandeettiin barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii, kanneen akka afaan lammaffaatti baratanii irra fooyya'aa ta'uu agarsiisa.

**Gabatee 4.6.Xiinxaala qormaataa Saamuda Cimdii (Paired Samples Test)**

| | | Garaagarummaa garee lachuu | | | | | T | Df | Sig. (2-tailed) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | 95% Confidence Interval of the Difference | | | | |
| | | | | | Lower | Upper | | | |
| Cimdii (paired)1 | -Akka afaan tokkoffaatti -Akka afaan 2ffaatti | .607 | .875 | .165 | .268 | .946 | 3.671 | 27 | .001 |

Xiinxalli saamuda cimdii barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan hima barreessuukun kan addeessu, garagarummaan qabxii giddugaleessaa garee lachuu giddu jiru 0.607 ta'uu agarsiisa. Akkasumas, gatiin (sig (2-tailed) ykn gatiin (P) galmaa'e 0.001 ta'uu gabateen armaan olii ni mul'isa. Gatiin (P) =0.001 kun Istandaardii sadarkaa Alphaa(Alpha level) 0.5 gadi waan ta'eef, garagarummaan barattoota garee lachuu gidduu jiru daran murteessaa (significant) ta'uu xiinxalli kun addeessee jira.

## 4.2.3. Qaaccessa Firii Qormaata Qajeelfama Sadaffaa

Kutaa sadaffaan qormaata kanaakan kaayyeeffate dandeettii barattootni garee lachuu keeyyata barreessuu irratti qaban madaaluu dha. Kanuma irratti hundaa'uun, qorattuun qorannoo kanaa barreeffama keeyyata tokko qabu barattootaaf dubbisuun akka barreessani taasistee jirti.Barreeffama barattootaa sororsuun akka madaalliif tolutti firii qormaata barattootaa bakka shanitti qooddee jirti. Qoodinsi kunis: Baay'ee gaarii (5), Gaarii (4), Giddugaleessa ( 3), Gadi aanaa (2) fi Baay'ee gadi aanaa(1) kan hammatu ta'a.

**Gabatee.4.7.Xiinxala Firii Qormaata Keeyyata barreessuu barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii**

| | | Frequency | Percent | Valid Percent | Cumulative Percent |
|---|---|---|---|---|---|
| Gatii | Baay'ee Gadi aanaa | 8 | 28.6 | 28.6 | 28.6 |
| | Gadi aanaa | 12 | 42.9 | 42.9 | 71.4 |
| | Giddugaleessa | 6 | 21.4 | 21.4 | 92.9 |
| | Gaarii | 2 | 7.1 | 7.1 | 100.0 |
| | Dimshaasha | 28 | 100.0 | 100.0 | |

Gabatee armaan olii irraa kan hubannu, firiin qormaata barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan keeyyata barreessuu irratti kan ibsu, 28.6% kanneen ta'an qabxii baay'ee gadi aanaa, 42.9 % kanneen ta'an gadi aanaa, 21.4% kan ta'an qabxii giddugaleessaa fi 7.1% ammo qabxii gaarii galmeessani jiru. Qormaata keeyyata barreessuu kana irratti qabxii baay'ee gaariinkan hin galmoofne ta'uu gabateen kun ni mul'isa.

**Gabatee.4.8.Xiinxala Firii Qormaata Keeyyata barreessuu barattoota A/O akka afaan lammaffaatti baratanii**

| | | Frequency | Percent | Valid Percent | Cumulative Percent |
|---|---|---|---|---|---|
| Gatii | Baay'ee Gadi aanaa | 8 | 28.6 | 28.6 | 28.6 |
| | Gadi aanaa | 10 | 35.7 | 35.7 | 64.3 |
| | Giddugaleessa | 8 | 28.6 | 28.6 | 92.9 |
| | Gaarii | 2 | 7.1 | 7.1 | 100.0 |
| | Dimshaasha | 28 | 100.0 | 100.0 | |

Akka gabatee 4.8 ibsutti, barattoonni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratani kanneen qormaata qoraman keessaa 28.6% kanta'an qabxii baay'ee gadi aanaa galmeessanii jiru. Akkasumaas, kanneen 35.7% ta'an qabxii gadi aanaa aragatani jiru. Gama biroon ammo kanneen 28.6% ta'an qabxii giddugalessa yoo galmeessan, kanneen 7.1% ta'an ammoo qabxii gaarii galmeessani jiru.Garee kana keessa barattoonni qabxii baay'ee gaarii galmeessan akka hin jirredha. Kun kan agarsiisuu,barattootni garee kanaa keeyyata barreessuu irrattii hangam tokko dandeettiin isaanii gadi bu'oo akka ta'anii dha.

### 4.2.4 Qaaceessa Tii -Teestii (T-test) qabxii qormaata barattoota A/O akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffaatti baratan Keeyyata barreessuu irratti

**Gabatee 4.9.Istaatiksii Saamuda Cimdii (Paired Sample Statistics)**

| | | Mean | N | Std. Deviation | Std. Error Mean |
|---|---|---|---|---|---|
| Cimdii (paired)1 | (Barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani) | 2.07 | 28 | .900 | .170 |
| | (Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratani) | 1.89 | 28 | .875 | .165 |

Gabateen Saamuda Cimdii armaan olii kan mulisu, qabxiin giddugaleessaa barattootni afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii 2.07 ta'uu dha. Qabxiin galma'ee kun qabxii giddugaleessa waliigalaa gadi waan ta'eef, dandeettiin barattoonni garee kanaa keeyyata barreessuu irratti qaban gadi aanaa dha jechuu dandeenya. Haaluma wal-fakkaatuun, qabxii giddugaleessa barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan galmeessani 1.89 dha. Qabxiin giddugaleessa garee kanaan galmaa'ees kan mul'isu dandeettii barattootni garee kanaa keeeyyata barreessuu irratti qaban gadi aanaa ta'uu dha. Qabxii giddugaleessaa garee lachuu wal-bira qabnee yoo madaallu, kan garee barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii caalmaa  agarsiiseera.Kanarraa waanti hubatamu,barattoonni afaan Oromoo akka tokkoffaatti baratani dandeettii keeyyata barreessuu kanneen akka afaan lammaffaatti baratan caalaa qabaachuusaaniiti.

**Gabatee 4.10.Xiinxaala qormaataa Saamuda Cimdii (Paired Samples Test)**

| | | Paired Differences | | | | | T | Df | Sig. (2-tailed) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Mean | Std. Deviation | Std. Error Mean | 95% Confidence Interval of the Difference | | | | |
| | | | | | Lower | Upper | | | |
| Cimdii (paired)1 | Akka afaan tokkoffaatti – Akka afaan 2ffaatti | .179 | 1.362 | .257 | -.350 | .707 | .694 | 27 | .494 |

Xiinxalli armaan olii kan addeessu, garagarummaan qabxii giddugaleessaa barattoota garee lachuu gidduu jiru 0.179 ta'uu dha. Gatiin 'P' galmaa'eammo, 0.494 dha. Gatiin 'P' kun sadarkaa aalfaa(Alpha level) 0.5 gadi waan ta'eef,garagarummaan garee lachuu gidduu jiru daran murteessaa (significant) dha jechuun ni danda'ama.Walumaagalatti, gabatee kanarraa waanti hubatamu,dandeettiin barreessuu waliigalaa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii, kan warra afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii caalaa gaariifi fooyya'aa ta'uusaati.

## 4.3. Qaaccessa Odeeffannoo Af-gaaffii

Odeeffannoo qorannichaa funaanuuf, malootni odeeffannoofunaanuu lama dhimma itti bahamee jira. Isaanis kan duraa qormaata yoo ta'uu, inni lammaffaa af-gaaffii dha. Af-gaaffiin kan filatameef argannoo xiinxaala firii qormaataa akka cimsuuf yaadameeti. Haaluma kanaan qoratuun qorannichaa gaaffiiwwan shan qopheessuun barsiisota Afaan Oromoo mana barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sadarkaa 2ffaa waliin af-gaaffii gaggeessitee jirti. Qaaccessi odeeffannoo af-gaaffii akka armaan gadiitti qindaa'ee jira.

**Gaaffii tokkoffaa: Dandeettiin barreessuu barattootaa waliigala maal fakkaata?**

Gaaffii armaan olii kana ilaalchisee barsiisoota shanan gaaffii kana gaafataman keessaa barsiisootni lama (80%) kanneen ta'an dandeettiin barreessuu barattoota kutaa9ffaa mana barumsa Ifa Boruu Eekaa Daallee gadi aanaa dha jechuun yoo deebisani, barsiisaan tokko (20%) ammo dandeettii barreessuu barattoota kanaa giddugaleessatti madaalee jira. Irra guddaan barsiisootaa, dandeettiin barreessuu barattootaa gadi aanaa ta'uu mirkaneessanii jiru. Kanuma irraa ka'uun, dandeettiin barreessuu barattoota walii galaa mana barumsichaa gadi aanaadha jechuun ni danda'ama.

**Gaaffii lammaffaa: Barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratani dandeettii barreessuun wal-qabatee maaltu wal- isaan fakkeessa?**

Wal-fakkeenya barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffatti baratanii ilaalchisee, barsiisoota af-gaaffii kanatti dhiyaatan keessaa barsiisaan tokko(40%) garee lachuu gidduu wal-fakkeenyi gidduu isaanii kan hin jirre ta'uu ibsuun, barattootni afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani kanneen akka afaan lammaaffatti baratani caalaa haala gaariin barreessuu kan danda'an ta'uu ibsanii jiru. Barsiistonni lama (60%) kanneen ta'an ammoo garee lachuu gidduu garagarummaa guddaan akka jiru ibsuun, garuu garee lachuu bira dogoggorri barreessuu jechuun,qubee sirriin barreessuu,sirna tuqaaleetti fayyadamuufi qub-guddeessatti fayyadamuu akka jiruufi kana malees,barreeffamni isaan barreessan ciccitaa ykn qidaa'ina kan hinqabne ta'uu barattoota garee lachuu biratti kan mul'atuu fi kan wal-fakkeessu dha jechuun deebisanii jiru. Qaacceessa kana irraa kan hubatamu, barattootni afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan dandeettiin barreessuu isaanii kanneen akka afaan lammaffaatti baratan irra fooyya'aa ta'uu, dogoggorri barreessuu wal-fakkaataan barreeffama garee lachuu keessatti kan mul'atu ta'uu dha.

**Gaaffii sadaffaa: Garaagarummaan dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratan gidduu jiru maal fakkaata?**

Kana irratti  barsiisoonni lama (80%) kan ta'an, barattootni afaan oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan kutaa1[ffaa] irraa eegaluun afaan Oromoon waan barataniif dandeettiin barreessuu isaanii kan warra afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii irra fooyya'aa ta'uu ibsanii jiru. Akkasumas,keeyyata qindeessuu, jechoota filachuu, himoota haala gaariin ijaaruu irratti barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan kanneen afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii gadi ta'uu eeranii jiru. Kan hafe namni 1(20%) ammo bartatootni garee lachuu dandeettiin barreessuu isaanii gadi aanaa ta'uu ibsuun, garagarummaan baay'een gidduu isaanii akka hin jirre himee jira. Kunkan mulisu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffatti baratani gidduu dandeettii barreessuun wal-qabatee garagarummaan guddaan kan jiru ta'uusaati.

**Gaaffii afraffaa: Garagarummaa dandeettii barreessuu barattoota garee lachuu gidduu jiruuf sababni maalidha?**

Gaaffii 4[ffaa] ilaalchisee barsiisootni af-gaaffii kanaaf dhiyaatan sababa garagarummaa garee lachuu gidduuti jechuun qabxiiwwan hedduu tarreessanii jiru. Haaluma kanaan, yaadota irra deddeebiin ka'an haala armaan gadiin tarreeffamaniiru:

- Fedhii afaan Oromoo barachuu barattootni kanneen afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti  bartan qaban kan  warra akka afaan lammaffaatti baratanii  caaluu isaa,
- Barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan afaan Oromoo baraachuu kan jalqaban erga sadarkaa 2ffaa  ga'anii ta'uu
- Barattootni afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan,  sadarkaa tokkoffaatti yommuu baratan afaan dhalootaa isaanii dandeettii afaan Oromoo barachuu isaanii irratti dhiibbaa qabaachuu.
- Daree isaan baratan keessatti barattoota garee lachuuf  deeggarsi wal-fakkaataan waan kennamuuf kana jechuun,barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti barataniif addatti gargaarsi taasifamu waan hin jirreef, kanneen akka afaan lammaffatti baratan, warra akka afaan tokkoffaatti  baratan waliin qixa socho'uuf ni rakkatu.

- Sirni barnootaa jiru garagarummaa jiru ilaalcha keessa galchuu dhabuun, garee lachuuf kitaaba wal-fakkaataa, barsiisaa haala tokkoon barsiisuu fi daree tokko keessatti akka baratan gochuu

**Gaaffii Shanaffaa:Garagarummaa barattoota garee lachuu gidduu jiru xiqqeessuufis ta'ee dandeettii barreessuu barattootaa waliigalatti fooyyeessuuf maaltu taasifamuu qaba?**

Gaaffii armaan olii irratti barsiisootni af-gaaffii kanaaf dhiyaatan kallattii lamaan iratti xiyyeeffachuun deebii kennanii jiru. Kallattiin inni duraa, dandeettii barreessuu barattoota waliigalaa fooyyeessuuf ni gargaara kan jedhanii tareessani dha. Akkasumas ,kallattiin inni lammaffaa, garagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratan gidduu jiru dhiphisuuf ni fayyada jedhanii kan kennani jiru. Qabxiileen isaan kaasan akka armaan gadiitti kaa'amanii jiru:

- Dandeettii barreessuu barattoota waliigalaa fooyyeessuuf, barsiisoota barattoota kana barsiisaniif leenjii fi carraa barnootaa kennuufiin dandeettii isaanii akka foyyeeffatan gochuu
- Kitaaba barataa yeroo yeroon haala barsiisotaa, barattootaa, naannoo ilaalcha keessa galchuun fooyyeessuu
- Yeroo barnootaa bal'aa kennuun barattootni barreessuu akka shaakalaniif haala mijeessuu
- Yoo danda'ame barattootni hundi afaan Oromoo kutaa jalqabaa jechuun,kutaa 1ffaa irraa eegalanii akka baratan gochuu
- Yoo kan hin danda'amne ta'ee, barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffatti baratan, dareen adda baasuun hordoffii fi deeggarsa barbaachisu kennuu
- Kitaabileen barnootaa yeroo qophaa'an garagarummaa kana bifa keessummeessuu danda'aniin qopheessuu

Yaadota armaan olii kana furmaata ni ta'a jechuun bariisootni af-gaaffii kanaaf filataman kennanii jiru.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoo fi Yaada Furmaataa

## 5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoon isaa walsimannaa fi garaagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi akka afaan lammaffaatti baratan kan Mana Barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee Sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa xiinxaluu dha. Bu'uuruma kanaan, xiinxala kana gaggeessuuf odeeffaannon xiinxala kanaaf barbaachisu mala funaansa odeeffannoo lamaan; qormaataa fi af-gaaffiin funaanuun qaacceeffamee jira. Gudunfaan qaacceessa argannoo qorannichaa haala kanatti aanuun dhiyaateera.

Akka argannon qorannichaa mulisuutti dandeettiin barreessuu barattoota waliigalaa mana barumsaa qorannichi irratti gaggeeffamee kutaa 9ffaa sadarkaa gadi aanaa irra jiraachuu agarsiisa. Sababni isaa, qabxii giddugaleessa firii qormaataa garee lachuu irra caalaan qabxii giddugaleessa (average) gadi waan ta'eefi. Walsimannaa dandeettii barreessuu barattoota garee lachuun wal-qabatee qorannoon kun kan addeessu hangi dogoggoraa wal haa caalu malee, dogoggorri barreessuu wal-fakkaataan garee lachuu biratti kan mul'atu ta'uu dha. Gama biroon ammoo argannoo kana irraa kan hubatamu, dandeettiin barreessuu barattoota kanneen afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii kan warra afaan oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii caalaa foyya'aa ta'uu xiinxalli Tii-Teestii (T-Test) agarsiisee jira. Argannoo kana bu'uurreffachuun, waanti hubatamu, dandeettiin barreessuu barattoota waliigalaa mana barumsa qorannoon kun irratti adeemsifamee kutaa 9ffaa akka waliigalatti gadi aanaa ta'uusaati. Dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti barataniikanneen akka afaan lammaaffatti baratanii ni caala. Hammi isaa garaagara haa ta'uu malee, dogoggorri barreessuu garee lachuu bira jiruu muraasni wal-fakkaataa dha jechuun qorattuun qorranicha goolabdee jirti.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Qorannon kun kan xiyyeeffate wal- fakkeenyaa fi garagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratanii xiinxaluun adda baasuu dha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf odeeffannoon maloota funaansa odeeffannoo lama (qormaataa fi Af-gaaffii) fayyadamuun odeffannoon funaaname qacceessamee jira. Firii qaacceessa odeeffannoo walitti qabamee haala kanatti aanee jiruun

qindaa’ee jira.Firii qaaccessa kanaarratti hundaa’uunis,argannoon qorannichaa akka armaan gadiitti taa’ee jira:

- Qaacceessi qormaataa jechoota qubeessuu irratti kan agarsiisu, barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan kanneen qormaata kana qoraman keessaa 41.3% kanneen ta’an qabxii gaarii fi baay’ee gaarii galmeessanii jiru. Bifuma wal-fakkaatuun, barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan keessaa 9.7% kanta’antu qabxii gaarii fi baay’ee gaarii galmeessanii jiru.
- Gama biroon ammo, qaacceessi Tii -Teestii (T-Test) kan agarsiisu, qabxiin giddugaleessa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratani 2.54 yoo ta’u kanneen afaan Oromoo akka afaan lammaaffatti baratan ammo 2.18tti dha. Garagarummaan qabxii giddugaleessa garee lachuu gidduu jiru ammoo 0.57 ta’uu qacceessi Tii -Teestii ni addeessa. Akkasumaas, gatiin Sig (2.tailed) galma’ee 0.010 dha. Gatiin ‘P’galma’e 0.010 gatii Alphaa Istaandardii leveelii 0.5 gadi waan ta’eef garagarummaan garee lachuu gidduu jiru daran murteessaa (significant) ta’uu mul’isa.
- Gama argannoo qaacceessa himoota barreesutti yoo dhufnu, barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan kanneen qormaataaf dhiyaatan keessaa 17.85% kannen ta’an qabxii gaarii fi baay’ee gaarii galmeessanii jiru. Haaluma wal-fakkaatuun ,barattoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan keessaa 14.28% kannen ta’an qabxii gaarii fi baay’ee gaarii galmeessanii jiru. Akkasumaas, qaacceessi Tii- Testii (T-Test) kan agarsiisu, qabxiin giddugaleessa batattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan galmeessan 2.62 yoo ta’u, kannen akka afaan lammaffattii baratan ammo 2.00 dha. Akkasumas, garagarummaan qabxii giddugaleessa galmaa’e 0.607 yoo ta’uu, gatiin Sig. (2tailed) ykn gatiin ‘P’ = 0.001 galma’ee jira. Gatiin ‘p’ galma’e kun Istandaardii Alphaa Leveelii 0.5 gadi waan ta’eef garagarummaan garee lachuu gidduu jiru daran murteessaa dha jechuun ni danda’ama.Kanaafuu,dandeettiin hima barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii kan warra akka afaan lammaffaatti baratanii caalaa fooyya’aa ta’uu,
- Qabxii isa xumuraatti yoo dhufnu, keeyyata barreessuun wal-qabatee, barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan keessaa 7.1% kan ta’an qabxii gaarii galmeessanii jiru. Akkasumaas, kanneen afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan

keessaas 7.1% kan ta'an bifa wal-fakkaatuun qabxii gaarii galmeessanii jiru. Haa ta'uu malee, qabxiin baay'ee gaarii garee lachuun keessatti kan hin galmoofne ta'uu qaacceessi kun ni agarsiisa. Bifuma wal-fakkaatuun, qaacceessi Tii -Testii (T-Test) kan agarsiisu, qabxiin giddugaleessa barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii 2.07 yoo ta'u, kan kannen afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratanii ammo 1.89 ta'uu qaacceessa kana irraa ni hubatama. Garagarummaan qabxii giddugaleessaa garee lachuugidduu jiruu galmaa'e ammo 0.179 dha. Gatiin Sig (2-tailed) ykn gatiin 'P' galmaa'ee ammo 0.494 dha. Gatiin kun gatii Alphaa Istaandardii dha gadii waan jiruuf garagarummaan garee lachuu gidduu jiru daran murteessaa (signifcanat) ta'uu hubachiisa.Keeyyata barreessuurrattis,barattoonni afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan, dandeettiin keeyyata barreessuu isaanii fooyya'aa ta'uu,

- Gama qaacceessa argannoo af-gaaffiin, dandeettii barreessuu barattoota waliigalaa ilaalchisee, irra caalaan barsiisota af-gaaffiif dhiyaatanii, sadarkaan dandeettii barreessuu barattoota waligalaa kutaa 9ffaa mana barumsa Ifa Boruu Eekkaa Daallee sadarkaa lammaffaa gadi aanaa ta'uu dubbattanii jiru. Wal-fakkeenya dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratanii ilaalchisee, irra caalaa hirmaattoota af-gaaffii kan jedhani, dandeettii barreessuu barattoota garee lachuu gidduu jiraachuu himuun, garuu dogoggorri barreessuu kannen akka seeraan qubeessuu dhabuu, sirna tuqaalee sirriitti fayyadamuu dhabuu fi barreeffamni isaanii qindaa'ina dhabuufi.kkf.barreeffama garee lachuu keessatti baay'inaan kan mu'latu ta'uun garee lachuu wal-fakkaachuu isaanii,
- Garagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kannen akka afaan lammaffatti baratanii gidduu jiru ilaalchisee, hirmaattootni af-gaaffii kanaa kaasan, dandeettiin barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii kan kannen akka afaan lammaffatti baratanii irra caalaa foyya'aa ta'uu mirkaneessanii jiru. Dabalataanis, himoota ijaaruu, jechoota filachuu fi keeyyata barreessuu irratti barattootni afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratan kanneen akka afaan lammaffaatti baratan kan caalan ta'uu,

- Sababoonni garagarummaa olitti eeramees, qabxiilee kanneen akka garagarummaan fedhii afaan Oromoo barachuu garee lachuu gidduu jiraachuu, sadarkaan kutaa barnootaa isaan itti afaan Oromoo barachuu eegalan garagara ta'uu

## 5.3. Yaada Furmaataa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu kaayyoo mataa isaa ni qaba. Kaayyoon qorannoo kanaas, wal- fakkeenyaa fi garaagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratanii adda baasuu, sababa garaagarummaa isaanii adda baasuu fi hanqinoota mula'ataniif yaada furmaataa kaa'uu dha. Haaluma kanaan, yaadoota furmaataa kanneen garaagarummaa jiru dhiphisuu danda'anii fi dandeettii waliigalaa barattootaa cimsuu danda'a jettee yaaddu, qorattuun qorannichaa haala armaan gadiin tarreessitee jirti.

- Garaagarummaa dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratanii dhabamsiisuuf, barattoonni naannoo Oromiyaa keessatti baratani hundi afaan Oromoo kutaa 1ffaa dhaa kaasanii barachuu akka egalan Biiroon Barnoota Oromiyaa irratti hojjechuu qaba.
- Yoo kutaa 1ffaa kaasanii barachuun kan hin danda'amne ta'e, kanneen afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan adda baasuun deeggaruun barbaachisaa ta'a. Sababni isaa ,kanneen kutaa 1ffaa jalqabanii barachuu eegalan waliin wal-qixa deemuufi barachuus ta'e barsiisuun ulfaataafi rakkisaa waan ta'eefi.
- Dandeettii barreessuu afaan Oromoo barattoota waliigalaa foyyeessuuf, Biiroon Barnootaa Oromiyaas ta'ee kanneen isaan ilaallatu, barsiisootni dandeettii isaanii akka foyyeeffataniif carraa barnootaa fi leenjiiwwan gaggabaaboo akka argatan haala mijeessuu.
- Barsiisootni afaan Oromoo barsiisanis gama isaaniin, kitaabolee dandeettii barreessuu gabbisaniifi fooyyessan sakkatta'uun dubbisuu fi barattoota shaakalsiisuu qabu. Akkasumas ,kitaaba barnootaa qofa irratti hundaa'uurra kitaabolee wabii wal-bira qabuun barattoota barsiisuu qabu.
- Gama biroon ammo,Biiroon Barnootaa Oromiyaafi manneen barnootaa wayitii barnootaaafaan Oromoof yeroo gahaa ta'e kennuufii qabu. Yeroon (wayitiin barnootaa)

kunis gahaa yoo ta’e, barattootni barreessuu akka shaakalan kan isaan dandeessisu ta’uu qaba.

- Dabalataanis, barattootni dandeettii barreessuu isaanii foyyeessuuf kitaabolee adda addaa dubbisuu qabu. Akkasumas, mata- dureewwan adda addaarratti barreeffamoota barreessuu shaakaluu qabu.

## Wabiilee


Abiy Zegeye, Alemeyehu Worku, Daniel Jefera, Melese Getu and Yilma Sileshi (2009). ‘Introduction to Research Methods’ Ethiopia, Addis Ababa University.

Addunyaa Barkeessaa. (2011) ‘Akkamtaa: Yaad-rimee Qoranno Hujoo’ Ethiopia, Efficiency Printing Press.

Atkins. J, Hailom.B&Nuru.M. (1996). ‘Skills Development Methodology (Part II)’ AA: Ababa University Press.

Beekaan Gulummaa. (2015). *Tuujuba*: Saayinsiifi Dandeettiiwwan Afaanii. Finfinnee, Oromiyaa: Elenip.p.plc

Byrne, D. (1988). ‘Teaching Writing Skills’, London, Longman, Language Group Limited.

Clark, Moran. R, Ebertts. M&Gester.M (1988).’Winning With Words:How to WriteEffectively’ USA:Printed in the USA.

Crème.Ph. (2003). ‘Writing at University’ Philadelphia, OpenUniversity Press.

Diyanni, R.Hoyii, C.P.(1998).*The Scribner handbook for writers*:2nd New York:Ellyn& Bacon.

Getaachoo Rabbirraa. (2011). Furtuu, ‘Seerluga Afaan Oromoo’ (max.3ffaa).Finfinnee, Dhaabbata Maxxansaa Kurraaz Internaashinaal.

Hedge.T. (1988).‘Writing’ Britain, Oxford University Press.

Hughes.A(2003)‘Teaching for Language Teachers’(2nd ed).Cambridge:Cambridge University Press.

Kelly,W.and Lawton.D.(2006).*Odyssy:from paragraph to essay*(4th ed.person Longman press.

Level,R.(2001).Writind and Grammar.New Jersey.

Mc Crimmon, J.M. (1963). *Writing with the purpose* A first course in college composition (3rded). New York: Houghton Mifflin Company.

Melakneh Mengistu(2004).Pre College English for Preparatory Schools.(3rd ed) Ethiopia:A.A University.

Mercer,N.(1988).Language and Literacy from an Educational Perspective .Great Backinmgham: Open University Press.

Misgaanuu Gulummaa,(20011).Kattaa:Ogummaa Barreessuu.Finfinnee:Efficient Printing Press.

Nunan,D.(1989).Desingning Tasks for Classroom.Cambridge University Press.

O'Connor,J.,Flower,C.,& Roberts ,P.(1995).National Curriculum Key Stage 4: The Oxford English Programe:Oxford University Press.

Siisaay Siyyuum(2008) ‟xiinxala Wantoota Dandeetti Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa Irratti sababa ta'an "Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa ittiin guuttannaa digirii lammaffaa, Afaan Oromootiin qophaa'e (kan hin maxxanfamiin)

Toleeraa Tasammaa. ( 2016). "Ogummaa Bareessuu Gabbifachuu Keessatti Rakkoolee Brattoota Kutaa 9ffaa Mudatan Adda Baasuu:Haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaa" AAU:Unpublished MA Thesis.

Toora Intarneetii:https:// www.unl.edu/ writing/ assessing-student-writing

Wasanee Bashaa,.(1996).Seer-luga Afaan Oromoo.Finfinnee:Far-East Trading PLC.

Wilgam.R.(1988).Interactive Language Teaching C:Cambridge University Press.

Zannabech Nagaraa. (2015). " Xiinxala Himoota Afaan Oromootiin Qindeessanii Barreessuufi Fayyadama Sirna Tuqaalee Barattoota Kutaa 9ffaa:Xiyyeeffannaa Mana Barumsaa Kuyyaraa Sad.2ffaa" AAU:Unpublished MA Thesis.

## Dabalee A. Gaaffilee Qormaata Barattootaa Qorannichaa

**Gaaffilee Qormaata; Jechootaa, Himootaa fi Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Qophaa'e**

**Qajeelfama I. Jechoota armaan gadii akkaataa barsiisaan kee siif dubbisuun sirreessii barreessi**

| Jechoota sagalee gabaabaa | Jechoota sagalee dheeraa |
|---|---|
| 1.lafa | laafaa |
| 2.dhara | haaraa |
| 3.fala | gaarii |
| 4.bira | daakuu |
| 5.kute | seenaa |
| 6.shira | diimaa |

| Jechoota sagalee jabaa | Jechoota sagalee laafaa |
|---|---|
| 1.adda | muuduu |
| 2.soddaa | sodaa |
| 3.madda | madaa |
| 4.lammii | xaafii |
| 5.bokkuu | seera |

6.ammayyaa balaa

Jechoota sagalee irra butaaJechoota qubee dachaa

1.harka dhadhaa

2.jilba gaachana

3.walqabsiiftota nyaapha

4.hir’ina shaashamannee

5.daandii buuphaa

6.falmii dheedhii

**Qajeelfama II.Himoota kanaan gadii haala barsiisaan keesiif dubbisuun sirreessii barreessi**

1. Yoo sirriitti qo’atte, qormaata ni dabarta.
2. “Nama kan nama taasise, hojiidha” jedhe, barsiisaan keenya.
3. Usi! Waan tokkollee hin dubbatiin.
4. Biqiltuun Jimaata, Amajjii 24, bara 1980 dhalatte.
5. Hojiin barnoota Oromiyaa, Biiroo Barnoota Oromiyaatiin qajeelfama.

**Qajeelfma III. Keeyyata armaan gadii yommuu barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachuun barreessi**

Qulqullinni daa’immaniif murteessaa ta’uusaa ogeessota fayyaa qofa osoo hin ta’iin, kanneen ogummaa kana hin qabnellee ni dubbatu. Haa ta’u malee, bu’aan qo’annoo dhiyeenya kana karaa Rooyitarsiin ifa ta’e tokko, dhugaa kana waan faallessu fakkaata. Qo’annoo kana kan adeemsisan saayintistoota Boostan yoo ta’an, qo’annichis dhukkeen fayyummaa daa’immaniitiif gaarii ta’uusaa addeessa.Akka qo’annoo saayintistoota kanneeniitti, daa’imman iddoo qulqulluutti guddatanirra daa’imman dhukkee keessa oolan guddatan yookaan dhukkeef saaxilamanii guddatan, dhibeewwan alarjikii ta’an ofirraa ittisuu danda’u. Saayintistoonni kunniin daa’imman umriin isaanii waggaa 8-13 dhibba saddeet ta’an irratti adeemsisan ka’umsa godhachuun, akka

ibsanitti daa'imman naannawaa dhukkeerratti asmii, utaalloo (qufaa) cimaa fi dhibeewwan k.k.f irraa fayyuuf carraan isaan qaban olaanaa dha.Daa'imman iddoo qulqulluutti guddatan garuu, seeliiwwan isaanii baay'ee haphii waan ta'eef, dhibeewwan armaan olitti caqafamaniif akka salphaatti saaxilamu.

## Dabalee B. Af-Gaaffii

**Qajeelcha af-gaaffii Barsiisota Afaan Oromoo Mana Barnoota Ifa Boruu Eekkaa Daallee sadarkaa 2$^{ffaaf}$ Qophaa'e**

1. Dandeettiin barreessuu barattoota waliigalaa maal fakkaata?

2. Barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratan dandeettii barreessuun wal-qabatee maaltu wal isaan fakkeessa?

3. Garagarummaan dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanii fi kanneen akka afaan lammaffaatti baratan gidduu jiru maal fakkaata?

4. Garagarummaa daandeettii barreessuu barattoota garee lachuu gidduu jiruuf sababni maali dha?

5. Garagarummaa barattoota garee lachuu gidduu jiru xiqqeessuufis ta'ee dandeettii barreessuu barattoota waliigalaa fooyyessuuf maaltu taasifamuu qaba?